# Nu Fuulduratti Waaqayyo Jabaa Irraa Golgaan Fuudhame

Philadelphia, Pennsylvania, USA
64-0629

1 Kanan irraa isinitti dubbachuu barbaadu Caaffata Qulqullaa'oo muraasa barreesseen of harkaa qaba, Waaqayyo dadhabbii dhamaatii keenyaa keenyaa akka eebbisu nan aman. Amma, namoonni baay'een maaliif akkas nama addaa, nama sagalee gadi hin qabannes taane raajeffatu. Beekaa, kun konferensii namoonni kanaan dura argaa turan irraa adda dha; yeroo baay'ee waan hunduu waan muramee bu'e dha. Garuu gara konfirensiwwan kanneenii dhufnu (kun erga jalqabaatii kaasee waggoota hedduudhaaf caarraan amma argadhe), maal gochuuf akka dhufnu hin wallaallu, dabarsinee of kennuudhaaf qofa dhufna. Wanti nuti gochuu beeknu tokkichi kana qofa. Waan hafe immoo Waaqayyo ni hojjeta. Kanaafuu sun namoota waan waan baayyee adda ta'e hojjetan nu taasisa.

Gaaf tokko namni ta'e tokko, "Beektaa, isin dhuguma namoota addaa ti" naan jedhe.

Anis, "Eeyyee, nuti akkas jedheen yaada"n jedheen.

2 Konferensiwwan keenya keessaa isa tokko nan yaadadha. Obboleessi keenya Troy yeroo tokko mucaan xiqqaan dhalataa Jarmanii ta'e tokko Cuuphaa Hafuura Qulqulluu argate jedhee natti himaa ture. Guyyaa itti aanutti immoo suuqii, bakka hojii hojjetu keessatti, harka isaa ol kaasee, Gooftaas galateeffatee, afaan biraatiinis dubbatee, akka hin taanes ta'ee ture. Dhumarrattis, hogganaan isaa isatti dhi'aatee, "Heenii, maaltu si mudatee?" jedhee gaafate.

Innis, "Oo, nan fayye" ittiin jedhee. Itti fufees, "Gammachuun garaa koo guutee irra dhangala'aa jira" ittiin jedhe.

Innis, "Ba'eessa, ati tuuta warra mataa biloonii, yookiis maraatuu akka jechuuti (nuts) sana biratti gadi buuteetta jechuudha" isaan jedhe.

Innis, "Eeyyee! Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u!" jedheen, "Mataa biloonii yookiis maraatuu (nuts) Gooftaan galateeffadhu" jedheen,itti fufees, "Mee konkolaataa fudhuutii karaatti gadi bu'i" jedheen, itti fufees, "Mee mataa biloonii hundumaas biloonii irraa yaasi, sana booda tuuta qoraaliyoo (yunk) malee homaa hin argattu" ittiin jedhe. Sun dhuguma sirrii dha, ni beektu.

3 Gaaf tokko Kaalifoorniyaatti, daandii Los Anjeelees irra osoon deemaa jiruu, namicha qomaa fi as isaa irraa barreeffama qabun arge; bareeffamichis, "Ani Kiristoosiif gowwaa dha" jedha. Namoonni hundinuus gara namichaa ilaalaa turan, yummuu inni isaan bira darbus ofirra galagalanii yummuu isaan isa ilaalaniis nan qalbeeffadhe. Mee isaan hordofuun qaba jedheen yaade. Dugda isaa irraa immoo "Ati gowwaa eenyuu ti?" jedha. Hundi keenya iyyuu namaa namtti waan adda nu godhu qabna jedheen yaada, ni beektu. Garuu, kana baraa, biyyi lafaa waan akkas nama dabbaru (rut) keessa seentuudhaan, hanga wanta nama kaan irraa gar malee adda isaan godhuutti, hanga namoonni akka waan tokko ... waan sirrii hin taane tokko yaaduu keessatti kufteetti. Waaqayyos yeroo baay'ee namoota gara Macaafa Qulqulluutti deebisuuf wanta adda ta'e, wanta hin baratamin gochuu qaba.

4 Nohi bara saayinsaawaa keessa jiraate sanatti akka mataa biloonii yookiis akka maraatuutti (nut) ilaalamaa ture jedheen yaada, sababiin isaas bantii waaqaa keessa bishaanni hin iru jedhanii mirkaneessuu danda'u waan turaniif. Garuu Waaqayyo namoonni tokko achi keessa jiru jedhe, kanaaf Nohi sana lallabuu fi amanuu isaatiif 'nut' ta'e. Akkasumas Museen yeroo Gibxiitti gad bu'e, Fara'ooniif akka anama maraateeti jedheen yaada; garuu yaadadhaa, Fara'oonis Museedhaaf akka nama maraatee ture. Kanaaf isaan.... Sana ni hubanna.

5 Yesuus iyyuu akka gantuutti ilaalamaa ture. Sirriidha. Maartiin Luuter waldaa Kaatolikii biratti akka mataa biloonii yookiis maraatuutti ilaalame, Joon Weesliin immoo warra Angilikaanii biratti akka mataa biloonii yookiis maraatuutti ilaalame. Kanaafis egaa ni beektu, yeroon mataa biloonii yookiis maraatuu kan biraa immoo ga'eera; akkas isinitti hin fakkaatuu? Garuu osoo mataan biloonii iraachuun dura, beekaa, biloniin (bolt) mataan biloonii sun itti hidhamu jalqaba jiraachuu qaba. Kanaafuu baraa, Nohi maraatuu yookiis mataa biloonii ta'uu isaatiin, mataa biloonii fuudhee waan ta'e tokko walitti harkisee, biloniidhaan walitti dhiibee hidhuu danda'e.

Museen mataa biloonii ta'uu isaatiin Gibxii keessaa dhiibee Waldaa baase. Sirriidha.

6 Misirrottii waldaa biyya lafaa keessaa amma dhiibee kan baasu mataa biloonii yookiis maraatuu nu barbaachisa jedheen yaada. Amma waan tokko nu barbaachisa, nama kan biraa.

Kanaafuu nuyi namoota nama kaan irraa baay'ee adda ta'anidha. Egaa Halkan kanas, yoo fedha Gooftaa ta'e, Caaffata Qullaa'oo dhimma kanaan wal qabatan tokko tokko dubbisuuf nan yaala, yeroo muraasa qofa fudhadhees namoota nama kaan irraa adda ta'e maaliif akka taane isinitti himuuf nan yaala.

Mee amma Caaffata Qulqullaa'oo keessaa, Filiphisiiyus boqonnaa 2ffaa lakkoofsa 1 hanga 8, akkasumas 2Qorontos 3:6-18 haa baafannu; Dubbii Waaqayyoo ta'uu Isaa amanaa haa dubbifnu. Egaa

ammas, dubbisuu keenyaan dura mataa keenya gadi qabannee haa kadhannu.

7 Abbaa garalaafeessaa isa waaqarra jiraattuu, har'a warra bara kana keessa jiraatan ta'uu keenyaaf, warra wantoota ta'aa jiran arginanis ta'uu keenyaaf, akkasumas warra yeroon Yesus waldaa Isaatiif dhufu akka dhi'aate beekan ta'uu keenyaafis dhugumatti nuyi warra carroome dha. Oo, sun garaa keenya ni gammachiisa, Gooftaa.

Akkasumas galgala kana Macaaficha banachuuf deemna, barreeffama kana keessaas yaada ijoo barreefamichaa akka nuuf laattuuf Si kadhanna; Hafuurri Qulqulluus waan Waaqayyo duratti gaarii ta'ee fi Isa gammachiisu garaa keenyatti haa mul'isu. Maqaa Yesusiin Si kadhannaa. Ameen.

8 Beekaa, waan tokko akka gootaniif isin gaafachuun koo hin oolu. Yeroo baayyee wantoota hin baratamnen gaafadha, waan gar malee haaraa namatti ta'us akkan isin hin gaafanne garuu nan abdadha. Alaabaan yummuu yaabsifamu kabaja alaabaatiif ol kaanee dhaabbanna; yummuu alaabaan buufamus ni dhaabanna—kanas dirqama gochuu qabna; kabaja isaas kaanee dhaabanna. Mee yummuu Sagalicha dubbifnutti ol kaanee haa dhaabbannu, yoo dandeessan. 2Qorntoos 3:6-18,

"Isumatu seera caafamee kennameen utuu hin ta'in, hafuura qulqulluudhaan kakuu haaraadhaaf hojjechuu nu dandeessise; seerri caafamee kenname du'a in farada, hafuurichi garuu jireenya in kenna.

Seerichi gabatoota dhagaatti fidalaan qirixamee, yeroo kennametti ulfinaan mul'ate; booddee irraa darbaa yoo adeeme iyyuu calaqqifni fuula Musee yeroo sana jabaa waan tureef, iji saba Israa'el itti ejjechuu hin dandeenye. Egaa seerichi inni du'a faraduudhaan hojjetu ulfina akkasiitiin erga dhufee,

inni hafuurri hojjetu immoo hammam caalaa ulfina haa qabaatu ree?

Wanti firdii du'aaf hojjetu ulfina-qabeessa erga ta'ee, wanti qajeelaa nama gochuuf hojjetu immoo hammam caalaa ulfina-naqabeessa haa ta'u ree?

Ammas wanti caalaatti ulfina qabu waan argameef, inni takka ulfina-qabeessa ture ulfina kan hin qabne ta'eera.

Egaa inni yeroodhumaaf jiraate ulfina erga qabaatee, inni itti fufee jiraatu immoo hammam caalaa ulfina haa qabaatu ree?

Abdii akkasii erga qabaannee nuyi guddaa ija in jabaanna.

Nuyi akka Musee hin goonu; inni, sabni Israa'el calaqqisa fuula isaa isa irraa darbu sana akka hin arginetti fuula isaa golgate.

Yaadni isaanii garuu hadoodchifameera, hamma guyyaa har'aatti iyyuu kakuu moofaa keessatti isa caafame yeroo dubbisan, golgaan sun isaan irratti in hafa, irraas hin fuudhamu; golgaan sun karaa Kristos duwwaa isaan irraa fuudhamuu in danda'a.

Hamma har'aatti iyyuu yeroodhuma isaan seera Musee dubbisanitti golgichi yaada garaa isaanii in golga.

Caaffanni qulqullaa'aan, "Yeroo inni gara gooftaatti gara galutti, golgichi isa duraa in fuudhama" in jedha.

Egaa inni "Gooftich a" jedhame kun, hafuura qulqulluu dha; iddoo hafuurri gooftichaa jiru immoo, birmadummaatu jira.

Ammas nuyi fuula keenya utuu hin haguuggatin ulfinni gooftichaa nu irraa akka calaqqisu in goona; nuyis ulfinaa gara ulfinaatti darbuudhaan fakkaattii isaa akka taanuuf, akka gooftich a isa hafuura sana biraa nuuf dhufeetti in diddiiramna."

9 Filiphisiiyus 2 irrattis kana dubbifna (Lakkoofsa 1ffaa irraa eegalee hanga lakkoofsa 8ffaatti):

" Egaa karaa Kristos wal gorsuun, jaalala isaatiin wal jajjabeessuun, karaa hafuura qulqulluu tokkummaa qabaachuun, gara-laafinaan namaaf yaaduun nuuf kennameera.

Ammas isin warra yaada garaa tokkoo ta'uudhaan, jaalala tokko qabaachuudhaan, yaada walitti dabalattanii tokko ta'uudhaan, yaada tokkotti waliif galuudhaan gammachuu koo fiixaan anaaf baasaa!

Gad of deebisuudhaan warra kaan of irra caalchisaa lakkaa'aa malee, yaada ofittummaatiin yookiis of-dhiibuudhaan waan tokko illee hin hojjetinaa!

Isin kessaa adda addaan waan warra kaanitti tolus immoo haa ilaalu malee, waan isatti tolu duwwaa hin ilaaliin!

Yaada garaa isa Kristos Yesus qaba ture qabaadhaa!

Inni bifa waaqayyummaatiin utuma jiruu, ulfina waaqayyummaa isa abbaa isaa wajjin wal isa qixxeessu wanta qabatanii itti hafanitti hin lakkoofne.

Inni ulfina sana gad dhiisee, akka waan, waan tokkotti hin galle of godhe; bifa garbummaa in fudhate; fakkaattii namummaatiin in dhalate (in uumame kjv), waan hundumaanis nama ta'ee argame.

Inni gad of deebisee, hamma du'aatti, hamma fannifamee du'utti iyyuu abboomamaa ta'e."

10 Mee haa kadhannu. Abbaa waaqarra jiraattuu, Dubbiin guddaan galgala kana Caaffata Qulqulluu Kee irraa dubbifame kun, garaa keenyaaf akka dhugaa ta'u godhi, yummuu asii baanee deemnutti akka warra Emaahus, "Yeroo Inni karaatti nutti dubbachaa,... dhufe garaan keenya ni raafame , mitii ree?" akka jennu nu godhi. Maqaa Yesusiin Si gaafannaa. Ameen. (Taa'uu ni dandeessu.)

11 Amma, kun barreeffama baay'ee adda ta'e dha, garuu haala yeroo wajjin baay'ee waan wal simu ta'a jedheen yaada. Mata duree, "Waaqayyo Jabaa Nu Fuulduratti Haguuggiin Irraa Fuudhame" jedhu irratti dubbachuun barbaada.

Amma, namni erga uumamee kaasee, dheebuun eessaa akka dhufee, maaliif as akka jiraatuu fi eessa akka dhaquuf deemu baruu, garaa namaa keessa jira. Sana deebisuu kan danda'u nama tokko qofa; innis nama as isa fide dha. Namni immoo yeroo hundumaa Waaqayyoon arguu barbaada ture.

12 Dur Kakuu moofaa keessatti Waaqayyo warra hin amannetti Of haguugee akka ture arganna. Waaqayyo karaa baay'ee nama ajaa'ibuun namootaa wajjin hojjeta. Nama hin amanne jalaa Of dhoksee nama amanutti Of mul'isa. Waaqayyo akkas godha. Yesus wantoota kana warra ogeessotaa fi warra gurguddoota jalaa dhokee warra xixinnoo akka daa'imaatti baratan akkasiitti mul'isuu Isaatiif Abbaa galateeffate. Kanaaf Waaqayyo haala uumama Isaa gonkumaa akka hin jijjiirre, yeroo hundumaas hojii Isaa haaluma tokkoon akka hojjetu arganna. Miilkiyaas 3 irratti, "Ani Waaqayyodha, hin jijjiiramnus" akka jedhe arganna. Kanaafis Inni yeroo hundumaa qajeelfama tokkoon hojjeta.

13 Amma, macaafa Macaafa Qulqulluu isa durii keessaa tokko fudhanna. Yeros Iyoob, namoota qajeeloo bara isaa keessaa hundarra qajeelaa, seera Waaqayyoo keessatti nama hir'ina hin qabne ture—garbicha, nama kabajamaa, garbicha kabajamaa ture—inni hanga Waaqayyo, "Biyya lafaa irra namni akka isaatii hin jiru" jedhutti iyyuu nama ga'e ture. Garuu gaaf tokko hawwiin isaa ... Waaqayyoon arguu hawwe. Waaqayyo akka jiru waan beekuuf, Isa arguu hawwe, ykn karaa biraatiin, mana isaa dhaqee balbala rurrukutee, "Si waliin haasa'uun barbaada" jedhee, akkuma isa nu walii wajjin haasofnuutti, gadi taa'ee Isaa wajjin haasa'uu hawwe. Wal hubannoo qabaanna. Kanaafidha walga'ii kana keessa kan jirruuf, bakka walitti dhufnee yaada keenya itti ibsinu waan ta'eef; yeroo walitti haasofnu caalaattis wal hubanna. Tajaajiltoonnis akkas godhu. Namoonni adeemsa jireenyaa hunda keessatti kana ni godhu, waan tokko irratti ni mari'atu.

14 Iyoob immoo ... Waaqayyo akka jiru dhugaatti beeka ture, inni dhaqee balbala isaa rurrukutee gaaffii fi deebii Isaa wajjin gochuu ni danda'aa fi hin danda'uu isaa baruu barbaade. Waaqayyo akka isatti dubbate, garuu haguugamee akka ture ni arganna. Inni qilleensa bifa bubbeetiin haguugamee ture. Innis Iyoob mudhii isaa akka hidhatu itti hime; Inni akka namaatti isatti dubbachuuf deema ture. Innis bubbee keessaan gadi bu'ee Iyoobitti dubbate. Bubbee keessaanis Iyoobitti Of beeksise, ta'us garuu inni qabatamaatti Isa hin argine. Qilleensi bubbisee mukkeen raasu qofa dhaga'uu danda'a ture; sagaleen bubbicha keessaa ba'e, Waaqayyo garuu bubbichaan haguugame.

15 Afrikaa (Afrikaa Kibbaa) tti yoo gadi buune ni arganna, isaan jecha Amoyah jedhu fayyadamu, hiikni isaas, "humna hin mul'anne" jechuu dha. Egaa humni hin mul'anne bubbee keessa kun sagalee dhaga'amuu kan ittiin Iyoobitti dubbatu qaba ture, ta'us garuu Iyoob bifa isaa gokumaa argee hin beeku; Inni garuu bubbeedhaan isattii haguugame. Raajota gurguddoo Macaafa Qulqulluu keessaas tokko arganna, Musee isa kakuu moofaa, isa tajaajiltoota Waaqayyo fo'ate, filate, warra dursanii murteeffaman keessaa tokko ta'e arganna, innis akkuma isaa Isa arguu hawwe. Inni baay'ee Isatti dhi'aachuu irraa kan ka'e, harki isaa guddaa fi jabaan isa dura deemu waan baay'ee, waan Waaqayyo qofti hojjechuu danda'u utuu hojjetuu argeera. Gaaf tokko Museen Isa arguuf hawwe, Waaqayyos, "Dhaqii kattaa irra dhaabadhu" isaan jedhe.

Museen yummuu dhagaa irra dhaabatee jiruttis utuu Inni achiin darbuu arge. Museen dugda Isaa arge. Innis nama fakkaata jedhe-dugda namaa. Ta'us garuu inni Waaqayyoon hin argine; inni golgaa Waaqayyoo qofa arge.

16 Macaafni Qulqulluun, "Homtinuu takkaa Waaqayyoon hin argine, ilma tokkicha sanatu waa'ee Isaa hiikee beeksise malee" jedha. Kanaafuu Museen Isaa akka namaatti haguugame arge.

Akkasumas Yaahween Kakuu Moofaa Yesus Kakuu Haaraa akka ture ni arganna. Dr. Scofield asitti akka hiiketti, gaalee bifa Isaa irraa jijjiirame jedhuuf jecha Giriikii 'en morphe' jedhu arganna, hiikni isaas "wanti hin mul'anne akka mul'atu godhame" jechuu dha. Wanta hin ... Akka inni achi jiru ni beekna. Ta'uu danda'a—argamuu hin danda'u, garuu hamma ammaatti, akka inni achi jiru ni beekna. Inni yeroo bifa Isaa

'en morphe' jijjiirettis, kana jechuun Inni uumama uumamaan olii irraa gara uumamaatti jijjiirame ... Inni haguuggii Isaa qofa jijjiires jechuu dha.

Karaa biraatiin, akkuma diraamaati; Inni akka taatootti taphataa ture. Giriikii keessatti dur haguuggii fuulaa jijjiirratu turan, tarii taphataa tokko qofti—taatoon tokkichi kutaalee garaa garaa hedduu keessatti taatoo ta'ee taphachuu danda'a. Intalli koo asitti argamti ... isaan dhi'eenyuma mana barumsaa sadarkaa lammaffaatti diraamaa tokko hojjetaniiru. Isaanis ... gurbaan tokko, kanan beeku, gara kutaa afurii argisiise, amala taatoon biraa qabu fakkeessuuf jecha waltajjii duuba deemee haguuggii fuula isaa jijjiiraa ture.

17 Amma, Masihichi maal ta'uu akka qabu ilaalchisee raajii Kakuu Moofaa fudhattanii, jireenya Yesusii wajjin wal bira qabdanii utuu ilaaltanii, silaa Yesuus dhugaatti eenyu akka ture ni hubattu turtan. Inni nama idilee qofa hin turre; Inni Waaqayyo ture, 'en morphe' ture. Inni bifa uumama uumamaan ol ta'e irraa gara bifa uumamaa namaatti jijjiirame; ta'us Inni Waaqayyo fooniin mul'ate, Isa namaan golgame, Isa fooniin haguugame ture. Isinis Kakuu Moofaa akeekkadhaa ilaalaa.

Halkan kana hordooftoota wal makoo kutaalee addunyaa adda addaa irraa dhufanitti dubbachaa akkan jiru nan beeka. Nuyis waa baruuf as jirra: Maal hojjechaa jirra? Maal irra.... Eessa ga'uuf deemaa jirraa? Maaltu ta'aa jira? Wanti kun hundi maal jechuudha?

18 Ammas, as keessa dhiironnii fi dubartoonni Yihudootaa taatan yoo jiraattan ... raabboonnis mana qulqullummaa keessa yoo jiraattan, warri guyyoota darban keessa jiraatan, utuu mammaaksa muka abboota isaanii dhiisanii, sanaa mannaa Macaafa Qulqulluu, raajii, utuu hubataniiru ta'ee, silaa Yesus eenyu akka ta'e in baru turan. Silaa Beelzebub jedhanii Isa hin waaman turan; silaa gonkumaa Isa hin fannisan turan. Garuu sun hundi diraamaa taphatamuun irra jiru ture; sun qaama diraamichaa ti. Isaanis haala kana irratti jaamaniiru.

19 haalichi akkuma isa namoonni har'a as jiratan, dhiiraa fi dubartoota baay'een keessan, tari kanneen umuriin keessan kan koo wajjin wal gituu fi anagafa koo taatan ni beektu. Waggoota dura as Ameerikaa keessatti ni yaadattu-Chaayinoonni (obboleessa keenya amma yummuu isaaniin wal nu barsiisa jiru, waa'een isaanii sammuutti na dhufe), akkamitti akka dur....Isaan afaan Ingiliffaa dubbachuu hin dandeenye tokko laaunderii qabu turan. Isinis uffata miiccisiifachuuf gara isaa deemaa turtan. Abbaan mana laawunderii sunis waraqaa fuudhatee haal adda ta'een murmura ture. Isinis citaa waraqichaa tokko fudhattu turtan; citaa isa kaan immoo ofiif hambifata ture. Garuu uffata keessan fudhachuuf yummuu deebitan waraqaan sun lamaan wal irra ooluun dirqama ture. Akkasumas yoo lamaanuu sirriitti wal irra ooluu dhaabaate (karaa kamiinuu fakkeessitanii hojjechuu hin dandeessan, sababiin isaas inni citaa tokko of harkaa qaba isin immoo citaa kaan of harkaa qabdu), yoo fakkeessitanii hojjettan immoo.... Sana booda qabeenya keessan gaafachuuf mirga qabdu. Yeros, qabeenya keessan fudhachuu kan dandeessan yoo haftee waraqaa naga'ee sana fudhattanii dhaqxan qofa ture.

Halkan kanas yummuu haftee naga'ee of harakaa qabaanne akkasuma in ta'a. Waaqayyo Ilma Isaa Qaraaniyootti yummuu iddoo lamatti hire, foon Isaa aarsaadhaaf ol baasee, Hafuura Isaa isa yeroo tokko nama Yesus jedhame (Waaqayyo isuma halkan kana bifa Hafuura Qulqulluutiin golgaa uffatee jiru) keessa ture gadi nuuf erge, citaan lamaan sun walirra bu'uu qabu; yoos isin qaama waliigaltee sanaati jechuu dha. Waaqayyo kana kan godhe, nama kan Of godhe, nama biratti caalaatti akka beekamuuf godhe.

20 Waggaa muraasa dura seenaa tokko dubbisaan ture, seenaa kana keessattis mootii guddaa, kabajamaa tokko seenessa.... Maqaa mootichaa ammaaf dagadheera. Seenaa sana dubbachuuf hin yaadnen ture. Seenichi asoosama wayii ture, haa ta'u garuu gara qabxii waan dubbachuu barbaannutti irratti nu geessa.

Mootiin kun, mootii baay'ee kabajamaa fi nama hojjettoota isaa baay'ee jaallatu ture, gaaf tokko garuu eegduu isaa fi maatii isaatiin, "waggoota dheeraadhaaf har'a qofa na argitu" jedhe.

Eegduun isaa fi nammoonni mootummaa isaas, "Mootii gaarii, maaliif akkas jetta? Alagaa ta'uuf gara biyya ormaa wayii deemtaa?" ittiin jedhan.

Innis, "Lakki, anoo asuman jiraadha. Ba'eessa," jedhee, "Ani hojjettoota koo biran dhaquuf deema. Anis akka garbaatti hojjechuufan deema. Warra muka falaxanii wajjin muka falaxuun deema. Warra lafa qotanii wajjin lafa qotuufan deema. Warra wayinii muranii wajjin wayinii muruufan deema. Waan isaan hojjetanii wajjin caalaatti wal baruuf isaan keessaa tokko ta'uufan deema. Akkasumas isaan nan jaalladha, kanaafis qaamaan caalaatti isaan beekuun barbaada. Isaan na hin beekan, ta'us garuu, karaa kanaan isaanii wajjin wal baruun barbaada" jedhe.

21 Borumtaa isaas ganamaan qondaalonni isaa.... Sabni isaa hundinuu iddoo isa arganitti—ykn warri masaraa keessa turan—gonfoo isaa irraa baasanoo teessoo isaa irra, teessoo mootummaa isaa irra kaa'an, uffata mootummaas irraa baasanii uffata hojjetaa itti uffisan, innis namoota idilee gidduutti bobba'e.

Amma, seenaa gabaabduu sana keessatti waa'ee Waaqayyoo arganna. Namoonni mootichaan, “Mootii si barbaanna. Si jaalanna. Mootii taatee akka turtu barbaanna” ittiin jedhan.

Inni garuu caalaatti waa'ee isaanii beekuuf isaan keessaa tokko ta'uu barbaade, sana boodas akka isaan caalaatti Isa beekaniif, akka isaan dhuguma Inni maal akka ta'e beekaniif kana godhe. Inni dhuguma maal akka ta’e isaanitti agarsiisuuf isaan keessaa tokko ta'e.

22 Sun waan Waaqayyos godhedha. Inni Waaqayyo Yaahwee irraa of jijjiiree nu keessaa akka isa tokkoo ta'ee, rakkina arge, du'a dhandhame, ilkeen du'aa maal akka ta'e bare, adabbii du'aas ofitti fudhate. Gonfoo isaa fi uffata ulfinaa Isaa lafa kaa'ee nu keessaa akka isa tokkoo ta'e. Warra xixinnaayyootiif miilla dhiqe. Hiyyeessotaa wajjin dunkaana keessa jiraate. Warra carraa hin qabnee wajjin bosona keessaa fi daandii irra rafa ture. Inni caalaatti akka nu hubatuuf, nutis caalaatti akka isa hubannuuf nu keessaa akka isa tokkoo ta'e.

23 Amma, akkan yaadutti sana keessatti, Ofii Isaa jijjiiruun, waan Inni hojjete yoo hubattaniittu ta'e, Inni maqaa ilmaa sadiin dhufe. Inni maqaa Ilma namaatiin, Ilma Waaqayyootiin, Ilma Daawitiin dhufe. Inni akka Ilma namaatti dhufe. Amma, Hisqi'eel 2:3 irratti, Yaahween mataan isaa, Hisqi'eel raajicha ilma namaa jedhee waame. Ilma namaa jechuun “raajii” jechuudha. Keessa Deebii 18:15 isa Museen, “Waaqayyo gooftaan keessan isin gidduudhaa, raajii akka kootii isiniif in kaasa” jedhe raawwachuuf Inni akkaataa sanaan dhufuu qaba ture. Inni takkaa Ilma Waaqayyoo jedhee of waamee hin beeku. Inni akka Caaffata Qulqullaa'ootti dhufuu waan qabuuf Ilma namaa Ofiin jedhe.

Waraqaa citaa lamaan sana, raajiin Kakuu Moofaa fi amalli isaa guutummaatti tokko qaba ture. Kanaaf Inni bifa sanaan, Ilmi namaa ta'ee dhufe.

24 Ergasii booda, du'uu isaa, awwaalamuu isaa fi du'aa ka'uu isaa ni arganna. Inni guyyaa Pheenxeqoosxeetti Ilma Waaqayyoo ta'ee dhufe—Waaqayyo, Hafuura, bifa Hafuura Qulqulluutiin dhufe. Inni maal hojjechaa ture? Of jijjiiraa ture, bifa garaa garaatiin saba Isaatti Of beeksisaa ture. Akkuma Hafuura Qulqulluu isa Waaqayyo ta'ee, Inni baroota waldaa keessatti akka Ilma Waaqayyootti, akka Hafuura Qulqulluutti hojjechuuf dhufe. Garuu barkumee keessatti Inni akka Ilma Daawititti teessoo Daawit irra taa'uuf dhufa—Mootii ta'a. Teessoo Daawit irra taa'uu qaba; amma teessoo Abbaa irra taa'ee jira. Sana booda Inni, “Ani ofii kootii mo'ee abbaa wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf” jedhe. Kanaaf Inni ... barkumeetti Ilma Daawit ta'a. Innis maali? Waaqayyo tokkichatu yeroo hundumaa haguuggii fuulaa Isaa jijjiira.

Ani haadha manaa kootiif abbaa warraa dha.

25 Isa dubartiin Kana'aan, “Ilma Daawit, intala koo anaaf maari!” jette ni yaadattuu? Inni.... Sagalee tokko iyyuu isheef hin deebisne dhiphisee. Isheen akkasitti Isa waamuuf mirga hin qabdu turte; akka Ilma Daawititti Isa waammachuun isheef hin kennamne. Inni ... Inni nama Yihudii ta'eef Ilma Daawit ture. Ammas, Inni ... garuu yeroo Gooftaa jettee Isa waammattetti, waan Isa kadhatte argatte; Inni Gooftaa ishee ture. Amma, akkuma.... Inni Ofii Isaa jijjiire.

26 Amma, ani mana koo keessatti namoota garaa garaa sadii ta'eera. Mana koo keessatti haati manaa koo akka abbaa warraatti na waamti. Intalli koo ala jirtu, akka abbaa warraatti na waamuu gonkumaa hin dandeessu; ani abbaa isheeti. Ilma ilma kootii xiqqaa achi jiru sanaaf, ani akaakayyuu isaati; kanaaf abbaa koo naan jechuuf mirga hin qabu. Ani abbaa isaa miti; ilma kootu abbaa isaati. Ani akaakayyuu isaati, garuu an ammallee namuma tokkicha sana.

Waaqayyos, wanti Inni hojjatu, dhaloota sanaaf akka ta'uuf, saba sanatti of beeksisuuf qofa of jijjiira. Galgala kanas kan as jirruuf sana baruufi: Waaqayyo karaa kamiin saba kanaa fi yeroo kana keessatti Ofii Isaa beeksisuu barbaada? Inni haguuggii fuulaa Isaa ni jijjiira; Akkataa tapha Isaa ni jijjiira, garuu eenyummaa Isaa hin jijjiiru. Uumama Isaa hin jijjiiru; Haguuggii fuulaa Isaa tokko irraa gara isa kaaniitti jijjiira malee. Inni kana kan godhu namootatti caalaatti ifa baasee of mul'isuuf, Inni eenyu akka ta'ee fi maal akka ta'e sirriitti akka beekaniif kana godha.

27 Ibroota 1 irratti akkas kan jedhu dubbifna: “Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa garaa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo karaa ilma isaatiin nutti dubbate.” Amma, raajonni jedhe Yesus yeroo lafa kanarra ture, raajonni waaqayyoota turan jedhe. “Waaqayyo warra dubbiin isaa itti kennameen 'Waaqayyoota' jedhe; waan macaafni jedhus hin diigamu” jedhe. Itti fufees, “Yoos ani 'Ilma Waaqayyooti' jedhe kanaan, attamitti 'Waaqayyoon arrabsita' jettu ree?” jedhe. Argitanii?

28 Sagaleen Waaqayyoo bara tokkoon tokkoon isaaf ramadama-waan ta'uu qabu; akkasumas Yesus raawwii raajiiwwan hundumaa ture. “Guutummaan Waaqummaa foon Isa keessa jiraate.” Isa keessa ture.

Inni isa Yoseef keessa ture ture. Eeliyaas keessa kan ture isa ture. Musee keessa kan ture isa ture. Inni nama Daawit keessa ture, mootii gatame. Sabni ofii isaa mootii godhee isa didee ture. Yeroo inni mooraa keessaa ba'us, namni xiqqoo dhiphate tokko, naannoo isaa sardamee, mootummaa isaa, sirna

isaa hin jaalanne; innis itti tufe. Eegduunis billaa isaa harkisee, “Ani mataa saree sanaa isa irratti dhiisee, mootii kootti tufee?”

Daawitis, tarii yeroo sanatti maal hojjechaa akka ture hubachuu dhiisuu danda'a, garuu dibamee waan tureef, “Isa dhiisi. Waaqayyotu kana akka godhu itti himee” jedhe. Innis gaaratti ol ba'ee Yerusaalemiif boo'e, mootiin jibbame.

Waggoota dhibba muraasa booda, Ilmi Daawit, daandichuma irratti itti tufamaa, gaarichuma irratti akka ol ba'e ni yaadattuu—gaaruma sanatti ol ba'ee, Mootiin gatame Yerusaalemiin gadi ilaalee, “Yaa Yerusaalem, si'a meeqan indaanqoon cuucota ishee qoochoo ishee jalatti akkuma walitti qabattu, ijoollee kee walitti qabuu barbaade, atii fi ijoolleen kee garuu hin barbaanne” jedhee isheedhaaf boo'e.

29 Inni uumama isaa gonkumaa hin jijjiirre, sababni isaas Ibroota 13:8 “Inni kaleessas, har'as, bara baraanis isuma sana” jedheera. Waaqayyo du'ee cubbuu jalaa nu furuuf nama foonii ta'e. Inni kanaaf namatti Ofii Isaa jijjiire.

Qulqulluu Yohaannis 12:20 irratti, Giriikonni waa'ee isaa dhaga'anii Isa arguu akka barbaadan argina. Amma, namni waa'ee isaa dhaga'eef qofa Isa arguu hin danda'u, Isa arguuf garaan isaa yoo raafame malee. AkKuma kana Iyoobii fi raajinni durii hunduu Isa arguu barbaadan. Kanaaf Giriikonni kun Isa arguuf dhufan. Isaanis gara Filiphoos isa nama Betsaayidaatti dhufanii, “Yesusiin arguu feena, gooftaa” jedhaniin.

30 Giriikoonni Isa arguu barbaadan; isaan garuu Isa arguu hin dandeenye, sababiin isaas Inni mana qulqullummaa namummaa isaa keessa waan tureef. Waaqayyo karaa Kiristoos biyya lafaa ofitti araarse.

Amma, kana keessatti, Giriikonni kun Isa arguu akka hin dandeenye arganna. Dubbii Yesuus gara boodaatti isaanitti dubbate hubadhaa; Innis,“Iji qamadii biyyoo keessa bu'ee yoo du'uu dhaabaate, tokkichuma ta'ee hafa” jedhe. Kanajechuun, foon namaatiin waan haguugamee jiruuf, jijjiirama amma keessa jiruun, haguuggii inni yeroo sanatti keessa ture keessatti gonkumaa Isa arguu hin danda'an jechuu dha. Iji qamadii biyyoo keessa bu'ee yoo du'e garuu ija baay'ee in godhata. Inni yeroo sanatti gara Yihudootaatti ergame, kun beekamaadha, garuu iji qamadii kun biyyoo keessa bu'ee du'uu qaba. Waaqayyo foon namaatiin golgame, warra hin amanne jalaa dhokatee, warra amananitti mul'ate.

31 Yohaannis 1 keessatti:

Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture.

Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate (nuyis isa argine... isa tokkicha Abbaa irraa dhalate), isa ayyaanaan guutuu....

Amma, Sagalichi jalqaba waan hundumaa ture. Sagaleen yaada ibsamadhe. Jalqabatti Inni Waaqayyo iyyuu hin turre. Amma, jechi har'a Afaan Ingiliffaa 'god' jedhamu hiikni isaa “wanta waaqeffamu” jechuudha. Kun waan sammuu namaa baay'ee burjaajessu dha. Nama tokko waaqayyo gochuu dandeessu. Waan fedhe waaqayyo gochuu dandeessu. Garuu Kakuu Moofaa keessatti, Seera Uumamaa 1 keessatti, jecha Waaqayyo jedhuuf jalqabatti jecha Elohim jedhutu fayyadamame. Elohim hiikni isaa “isa ofii isaatiin jiraatu” jechuudha. Jechi Elohim jedhu jecha waaqayyo jedhu irraa garaagarummaa guddaa qaba. Elohim hiikni isaa “isa ofii isaatiin jiraatu” jechuudha.

Nuyi ofiin jiraachuu hin dandeenyu. Nuyi isa hundumaa danda'u, isa waan hundumaa kan danda'u, isa iddoo hundumaatti argamu, isa waan hundumaa beeku ta'uu hin dandeenyu. Elohim sana hundumaan ibsama. Nuti akkas ta'uu hin dandeenyu. Mukti isin waaqayyoon irraa tolfattan, ykn gamoon, ofiin kan jiraatu miti.

32 Kanaaf Waaqayyo, jalqabatti, jireenya ture, jireenya bara baraa. Isa keessa amaloonni turan, amaloonni sunis sagalewwan ta'an, Sagalichis foon ta'e. Yesuus furii ilmaan namaa ture. Furuu jechuun immoo “iddootti deebisuu” jechuudha. Yoo waatu iddootti deebi'a ta'e immoo iddoon inni itti deebi'u wayii jira jechuu dha. Kanaaf, argitanii, namoonni hundinuu gonkumaa isa arguu hin danda'an, sababni isaas jalqabatti yaada Waaqayyoo keessa kan turan namoota hundumaa hin turre, ilaalaa.

33 Luboota ilaalaa! Sagalichaan wal qabsiisee Ofii ibsuu Isaa yummuu argan, maal akka ta'e sirritti Of ibsuu Isaa yommuu argan, “Inni Beelzebuul” ittiin jedhan. Sun uumamni isaanii eessa akka ta'e agarsiise; innis yaada ammayyaa bara sanaa keessa ture. Garuu ejjituttiin Inni karra irratti argee isheetti hime sun —waan isheen hojjette itti himuudhaan milikkita Masiihii ta'uu Isaa yeroo calaqqisiisetti, maaliif akkas jette, “Akka ati raajii taate nan arga, yaa gooftaa. Masiihiin akka dhufu anuu beeka; inni gaafa dhufe waan hundumaa nutti in hima” jette. Isheen ulaagaalee Caaffata Qulqullaa'oo waan guutteef Masiihicha, Isa Dibame ta'uu Isaa barte. Hin argitanii isin? Citaan waraqaan lamaan walirra oole. “Masihichi akka dhufu….ni beekna.”

34 Amma, Waaqayyo sanaa fi kana walitti makee akka nama bilbila sagalee garaa garaa kennu hojjetuutti waan kana hojjete, garuu Yesus garagalee, "Inni ama si waajjin dubbachaa jiru Isa" yummuu jedhu, amalli "Belzebul" ta'uu calaqqisiisu hin turre. Isheenis okkotee ishee gattee fiigdee mandara seentee, "Kottaa naicha isa waan ani hojjedhe hundumaa natti hime ilaalaa. Kun Masiihicha mitii ree?" jette. Argitanii?

Amma, kun maal godhe, Caaffata Qulqullaa'oo durii muuxannoo Yesus isheef kennaa ture waliin kaa'ee, maal godhe? Masiihii taasise. Akkasumas hubattaniittuu? Isheen Jalqabuma iyyuu warra furaman keessaa tokko waan turteef, cubbuun ishee isheedhaaf dhiifame; sababni isaas isheen jalqabuma yaada Waaqayyoo keessa waan turteef. Kanaaf, ibsa Caaffata Qulqullaa'ootiin Yihowaan mul'achuu Isaa yommuu argitetti ishee fure, ykn ishee iddootti ishee deebise: Inni maal akka ta'e; maal akka tures yummuu argitetti.

35 Amma, Yesus yeroo dhufe, osoo ergaa Nohi qabatee dhufeera ta'ee, sun hin hojjetu ture: utuu markaba ijaareera ta'ee, silaa sun hin hojjetu ture. Garuu sun—Nohi dhaqna Waaqayyoo ture. Inni haala adda ta'een hojjete, sababni isaas nama addaa waan tureef. Ergaan isaas adda ture, sababni isaas Sagalichi bakkeetti baafamee mul'achaa ture waan ta'eef. Ergaa Musee qabate dhufuu hin danda'u ture, sababiin isaas sun hin hojjetu waan ta'eef. Museen bu'aa dhagna Waaqayyo mul'ate ture; inni Sagalee sa'aatii sanaaf ibsame ture. Yesus garuu sanaan dhufuu hin dandeenye. Macaafni Qulqulluun Inni karaa sanaan dhufa jedhee hin beeku waan ta'eef. Garuu yeroo dhufetti akkuma Kakuun galame ni ibsama jedhetti ibsamee dhufe, yummus warri furamuu danda'an hundi ni amanan; sababni isaas isaan yaada Waaqayyoo waan ta'aniif. Warri jalqabatti amaloota Isaa ta'anii foon uffatan, warri furramuu danda'an gara Waaqayyootti deebi'aniiru. "Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne," sababni isaas isaan furamuu waan danda'aniif. Isaanis jalqabumarraa ibsicha keessa turan.

36 Osoo yeroo muraasaaf as dhaabannee (yoo danda'ameef) galgala kana ergaa sa'aatii kanaa yaadnee, yaada Yaahiwee isa ifatti ba'e.... Uumamuu biyya lafaatiin dura maqaan keenya Macaafa Jireenyaa Hoolichaa irratti akka caafame nutti himameera. Sana booda akkuman jalqaba jedhe inni tokko maaliif isa kaan irraa adda akka ta'e arguu dandeenya. Akkas ta'uus qaba. Yeroo hundumaas akkas ture; yeroo hundumaa akkas ture; yeroo hundumaas akkas in ta'a. Inni Sagalee ture, Sagalichis foon ta'ee nu gidduu buufate.

37 Amma, Waaqayyo dur bara Kakuu Moofaa keessatti saba Isaatti bifa adda addaatiin erga mul'atee booda, gogaa hoolaa bishaanii duuba of haguuga ture—Waaqayyo, teessoo araaram Isaa isa gogaa hoolaa bishaaniitiin golgame irra akka ture arganna. Solomoon yeroo mana qulqullummaa Gooftaa eebbisiise, gogaan hoolaa bishaanii golgaa ta'ee achitti fannifamee akka ture—akkamitti akka utubaa ibiddaa fi akka duumessaatti gadi bu'ee ol seenee, warra biyya lafaa duraa Ofii Isaa golgee akka dhokse arganna. Garuu warri Israa'el akka Inni achi duuba jiru amantiidhaan ni beeku ture. Biyyi lafaa warri ormaa waan fedhan iyyuu haa jedhan malee, Inni achi akka jiru isaan kun ni beeku turan. Inni warra hin amanne jalaa dhokate,warra amananitti beekame, isaan amantiidhaan akka Inni achi duuba jiru baran; isaanis araara argatan. Innis teessoo araara isaa irra ture, kunis iccitii guddaa ture.

38 Ni beektu, Kakuu Moofaa keessatti gogaa sana duuba seenuun du'a fida ture. Amma garuu achi duuba seenuu dhabuutu du'a fida. Yeros, ulfina Isaa keessa galuun du'a ture; amma, ulfina Isaa irraa fagaachuutu du'a. Sun kan ta'e, eeyyee, yeroo golgaan Qaraaniyoo irratti tarsa'ettii, yeroo golgaan sun, golgaan inni moofaan sun cicciramettі ta'e. Amma, fuula Isaa jalaa baqachuutu du'a fida. Yeros, fuula Isaa duratti argamuutu du'a ture, ilaalaa. Inni duraa gara duubaatti, duubaas gara duraatti jijjiirama, guyyaa kam keessa akka jirru ilaaluuf Caaffata Qulqullaa'oo qaorachuu qabdu.

39 Amma, yummuu golgaan Qaraaniyootti tarsa'e, teessoon araaraa ifatti ba'ee mul'ate, garuu maaltu ta'e? Innis Qaraaniyoo irratti fannifamee dhiigni Isaa dhangala'aa ture. Akkuma waggaa waggaadhaan mana qulqullummaa fi teessoo araaraa qulqulleessuuf dhiiga dhangalaasanii itti facaasan, achitti Waaqayyo, humna balaqqeessaa Isaa isa guddaa fi jabaa ta'een, golgaa gogaa hoolaa bishaanii isa moofaa gubbaa irraa gaditti tarsaase, teessoon araaraas ifatti mul'ate. Hoolaan Waaqayyoo Inni dhugaan Qaraaniyoo irratti fannifame, teessoon araaraa inni dhugaan ifatti mul'ate, yeroo sanatti Waaqayyo Ofii Isaatii gatii kaffalee nu keessaa akka isa tokkoo ta'uudhaan, akka namaatti nu wajjin wal baruu fi nutis akka Isaan wal barrutti nutti mul'ate.

Teessoon araaraa, guyyaa araaraa sanatti Israa'el hunda biratti ifatti mul'ata ture.

40 Garuu wayyoo, duudhaan abbootii waldaa bara sanaa, duudhaa isaaniitiin, teessoo araaraa isa dhugaa saba duraa golgan. Isaan utuu Caaffata Qulqullaa'oo hubataniiru ta'ee silaa hin badan turan, tokkoon tokkoon Isaa akka waraqaa namicha Chaayinaa sanatti wal irra oole. Raajiin kakuu moofaa raawwatamuu qaba ture, ni raawwatames. Isaan Osoo Caaffata Qulqullaa'oo barsiifamaniiru ta'ee, silaa teessoo araara ni argu ture.

Akkuma Museen asitti jedhe, isaan har'uma kana iyyuu haguugamaniiru. Ammallee garaa isaanii irra

golgaatu jira; isaan isa hin argan.

41 Inni garuu Waaqayyo ture, dhiphinaa fi Aarsaa araaraa ture. Inni teessoo araara dhugaa guutummaatti ija namaa duratti mul'atu ture.

Akkuma faarfannaa faarfannuu ti:

Kunoo! ifaan ifatti Isa ilaalaa,

Inni kunoo ti, mo'ataa jabaan,

Erga golgaa sana bakka lamatti tarsaasee.

Ilaalaa, Inni teessoo araaraa ta'ee, walga'ii duratti ifatti akka mul'atutti fannifame. Garuu isaan yaada gurguddootaa jala galuudhaan.... Amma, dhiironni fi dubartoonni, akasumas bakka bu'oota konferensii kanaa kan taatan hundinuu, kabaja nama tokkoo malee waan kana dubbachuun barbaada. Garuu ilaalcha har'aatiin, sababa har'a as jirruuf ilaalcha keessa galchuun, duudhaan abbootii, abbootii waldaa kiristaanaa, namoota baay'ee jalaa kana dhoksaniiru jedheen sodaadha. Erguma Hafuurri Qulqulluun akkuma raajii dubbatameetti bara dhumaa kana keessatti dhufee, erguma golgaanis tarsa'ee, namoonni baay'een duudhaa muka abbootii isaaniitti rarra'uuf yaalu; kanaafis isaan gammachuu fi nagaa guddaa, akkasums wantoota waldaan har'a qabdu kana argachuu dhadhaban. Ta'us garuu warra amanan biratti ifaan ifatti mul'ataa jira. Inni Sagalicha, Sagalee bara kanaaf abdachiifame dhokse.

42 Amma, seerri muka abbaa golgaa ta'ee jira. Barri dinqii darbeera jedhu. Namni ta'e tokko, nama gaarii nama barates kan ta'e tokko Tuksan, Arizonaa bakkan jiraadhutti na haasofsiisee ture. Galma Raamadaatti walga'ii qabadheen ture; konferensii warra 'Businesmen' irratti lallabaa turre, Gooftaan Yesuus iddoo sanatti argamee waan gurguddaas hojjete. Akkasumas namni Kiristaana gaarii ta'e kun na bira dhufee akkas naan jedhe (namichi tajaajila waldichaati, nama gaarii tokkos), “Obboleessa koo Biraanhaam, ati bara ergamootaa sabatti gadi baasuuf yaalaa jirta,” jedhee, itti fufees, “barri ergamootaa immoo hafeera” naan jedhe.

Anis, “Yaa Obboleessa koo, barri ergamootaa yoom akka dhaabbate Caaffata Qulqullaa'oo keessaa natti agarsiisi”n jedheen. Ittuma fufees, “Barri ergamootaa guyyaa Pheenxeqosxeetti jalqabe, innis.... Pheexiroos guyyaa Pheenxeqosxeetti, 'Abdichi isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraniif, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis' jedhe. Yoom dhaabate ree? Waaqayyo amma iyyuu waamaa jira erga ta'ee, barri ergamootaa amma iyyuu itti fufee hojiirra jira” jedheen deebiseef.

43 Akkasi egaa, iddoon namoonni akkuma yeroo sanaa seera muka abboota isaaniitiin saba jaamsuuf yaalan iddoo kanadha, akkuma yeroo sanaa. Isinis maaliif namoonni akkas akka gammadan, maaliif akkas akka quuqamanis hin hubattan. Konferensiwwan kun akkas waan addaa, namoota kaanitti waan ajaa'ibaa sababni ta'eefis, isaan kun waan arguu danda'aniifi. Danqaroota sana cabsaniiru; golgawwan sana tarsaasanii iddoo Waaqayyootti jirutti, iddoo abdiin yeroo kanaaf abadachiifame saba duratti bakkeetti baafamee utuu mul'atuu arganitti ol seenaniiru. Isaan waan Waaqayyo abdachiise ni hubatu.

44 Yo'eel 2:28 irratti, Bara dhumaa kanatti bokkaan inni boodaa guyyoota gara dhumaatti namoota irratti akka dhangala'u abdachiiseera. Jecha dhangalaase jedhuuf jecha Giriikii 'kenos‟ jedhutu dhimmi itti ba'ame, hiikni isaas ”Ofii Isaa duwwaatti hambise,‟ jechuu dha, innis akkaataa isa nuyi wanti nama keessa jiru tokko nama keessaa ba'e yookiis in balaqqame jennuu miti, Ofii Isaa dhangalaase jechuudha malee. Innis 'en morphe' isaa jijjiire. Waan ta'e tokko irraa gara waan biraatti jijjiirame. Inni gonkumaa amala isaa hin jijjiiru.

Guyyaa Phenxeqosxeetti garuu Ilma namaa ta'uu irraa gara Ilma Waaqayyootti of jijjiire. Inni namootaa wajjin jiraachuu dhufe miti, namoota keessa jiraachuuf dhufe malee, hubadhaa, Waaqayyo isuma sanatu hojii Isaa bara isa guddaa kana keessatti itti fufsiisuuf dhufe.

45 Guyyaan halkannis guyyaanis itti hin taane, garuu akka ifa gara galgalaatti qabu akka dhufu Macaafa Qulqulluu keessatti raajiin dubbatameera. Amma, akka ji'oogiraafiitti aduun karaa bahaan baatee, karaa dhihaa immoo ni lixxi. Yeroo hundumaas aduun (sun) tokkichuma.

Amma, yeroo Ilmi (S-o-n), mul'ina Sagalee abdachiifameen Israa'elitti of mul'isetti dha, saba gara Bahaatti.... Nuyi guyyaa dukkanaa dabarsineerra. Haaromsitootaa fi kkf keessatti ifa ga'aa argannee waldootaa fi damee waldoota amantii hundeessineerra, isaanittis makamneerra; ol seennee daa'imman dhunganneerra; jaarsoliitti heerumsiifneerra; warra du'anis awwaalleera; waldaa keessas jiraanneerra. Yeroo galgalaa'utti garuu, “Ifni in ta'a” jedhe, “yeroo galgalaa'utti” jedhe. Caaffanni Qullaa'aan immoo hin cabu. Ilma (S-o-n ) isuma Ofii Isaa guyyaa Pheenxeqoosxeetti dhangalaasetu, 'keno', yeroo galgalaa'utti akkasuma akka godhu nu abdachiise, ilaalaa. Akkuma adachiifametti raawwatamaa jira

Citaa tikeetichaa lamaan walirra kaa'aa. Waan ta'aa jiru ilaalaa, waan Inni abdachiises ilaalaa, sana booda eessa akka jirru ni argitu. Wanticha walirraa kaa'atii ilaalaa. Isa guddaa fi jabaa golgaan duraa

kaafame kana arguu dandeessu. Seerri muka abbootaa, raajii waa'ee waan gurguddaa kanaaf dubbatamettii namoota jaamseera.

46 Museen, gaara ibiddi irraa boba'u irraa yommuu dhufe ... Fakkeenyi akkam namatti tolu ture. Museen gara Gibxiitti gad bu'ee Waaqayyo Gooftaan maqaa ANI ISA JIRAATAA DHA (I AM) jedhuun akka isa quunname abbootii waldaa sanatti himee ture. Maqaan sun hennaa ammaa kan agarsiisu dha, Isa ture, Isa ta'uuf jirus miti, ANI ISA JIRAATAA DHA (I AM) malee, yoomiyyuu isuma sana. Kaleessa isa ture, har'aas bara baraanis isuma sana. Inni hennaa ammaa (present tense) dha. Inni.... Sunis Ibroota 13:8 wajjin wal madaala: “Yesuus Kiristoos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana!”

47 Inni ammallee Sagalee raajii dubbatamee ti, waldaan Sagalichaa wajjin wal simanis muuxannoo hojii guyyaa kanaa ... “Warri haaromsitoonni sana ni qabu turan.” Oo, garuu kun guyyaa biraati. Guyyaa akkamii keessa akka jiraachaa jirru argitanii!

Ammas akkuma bara lafa kanarra turetti karaa Museen dhufeen hin dhufinee ti ykn karaa raajonni kamuu dhufaniin dhufuu hin dandeenyeeti; raajiin akkasitti hin dubbatamne. Bara dhumaa kana keessattis, karaa kanaan akka dhufu raajiin dubbatameera. Bifa haaromsa Luuteriin dhufuu hin danda'u; bifa haaromsa Weesiliitiin dhufuu hin danda'u; yeroon kun yeroo iddootti deebisanii dhaabuu ti. Yeroon kun yeroo inni gara ifa aduu isa jalqabaatti (original), isa duraatti deebi'uu qabudha.

Oo, sana irraatti Caaffata Qulqullaa'oo baay'ee tarreessuu dandeenya turre! Isin hayyoonni ti'ooloojii ( kutaa addunyaa kamuu keessa kan jiratan), sun dhugaa ta'uu isaa ni beektu. Inni waanuma abdachiifame dha. Egaa wanti namoota akkas dinqisiifachiises kanuma. Kanumata akka isin warra 'oddball' sana isaaniin jettan godhe; sababni isaas isaan.... Innis ... golgaan seera muka abbootaa isaan duraa kaafameera, isaanis ni argu. Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana. Inni abdii Waaqayyo abdachiise dha, ittiin mormuu hin dandeenyu, sababiin isaas Caaffanni Qullaa'aan cabuu hin danda'u.

Eeyyee, saba Isaa keessatti Ofii Isaa guutumaatti dhangalaasu waadaa galeera, kanaafis Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu Isaa mirkaneeffanna.

48 Museen, erga gara Gibxiitti gadi bu'ee kana labsee booda, Abbaan utubaa ibiddaa isuma sanaan gaara Siinaa irra dhufee gaara sanatti ibidda qabsiisuudhaan ergaa Musee mirkaneesse. Nama Inni waadaa itti kennu hubanneerraa laata? Inni Sagalee wajjin isa erga. Inni abboommii itti kenna, abboommii kana harkaa fuudhuufis wanti inni gochuu qabu....

Abboommonni sunis Dubbii Waaqayyoo ture; Dubbichis gonkumaa gara sabaa dhufee hin beeku. Sagalichi yeroo hundumaa gara raajii dhufa, innis raajii waqxii sanaa ture.

Akkuma isa Yesuus Sagalee turee ti. Yohaannis raajii ture, Yesuusis utuu inni bishaan keessa jiruu gara isaa dhufe, sababni isaas yeroo hundumaa Sagalichi utuu addaan hin citin gara raajii waan dhufuuf. Dubbiin Waaqayyoo gara.... dhufa.

49 Museenis akkasuma, Sagalichi, abboommiin gara isaa dhufe, innis of Isa harkaa qaba ture.

Amma, maaliif jennaan, Sagalichi osoo hin kennamin dura, Museen fuula isaa haguuggachuu qaba ture, sababiin isaas Dubbichi guutummaatti hin mul'anne. Wanti ta'e tokko akka ta'e ni beeku, garuu waan ta'e sana hin beekan(warri gugummii fi qaqawwee) ni dhaga'u turan, sodaataniis hamma, “Waaqayyo utuu hin ta'in Museen nutti haa dubbatu” jedhanitti ga'an.

Waaqayyos, “Eeyyee, ani akkas nan godha. Kana booda akkasitti isaanitti hin mul'adhu. Raajii isaaniif nan erga. Kanaaf inni ... karaa raajii kootii nan dubbadha” jedhe.

50 Amma, akkuma Phaawuloos 2Qorontos irratti nuuf mul'ise, egaa seerri Musee inni du'a faraduudhaan hojjetu ulfina haguuggii akkasiitiin erga dhufee, inni Hafuurri hojjetu immoo warra hin amanne duratti bakkeetti baafamee mul'ifamuuf hammam caalaatti ulfina haa qabaatu ree! Hammam caalaatti... haa jedhan ree! Museen isaan biratti maraatuu jedhama ture. Isin warra utubaa ibiddaa keessa darbe, warra golgaan duraa fuudhame kanaan immoo hammam caalaatti ittiin haa jedhan ree! Amma isin golgamtaniittu! Namoonni isa arguu hin danda'an. Isa hubachuu hin danda'an. Wanti isa kan lafarraa ta'e ulfina erga qabaatee, inni kan waaqarraa ta'e immoo hammam caalaatti ulfina haa qabaatu ree! Wanti yeroodhumaa jiraate ulfina erga qabaatee, inni itti fufee jiraatu immoo hammam caalaatti ulfina haa qabaatu ree!

51 Garuu amma iyyuu inni golgamee jira. Warra amanan duraa osoo hin taane, warra hin amanne duraa golgamee jira; isaan Isa arguu hin danda'an. Waaqayyo yeroo hundumaa nama hin amanne duraa Ofii Isaa golga. Seeratu golga. Akkuma yeroo sanaa har'as hin argan. Sun golgaa hafuuraa amma qabnu kana ture, golgaan uumamaa achi ture sun. Raajicha Dubbii barreeffame qabate, raajiin, namni Dubbii mirkanaa'e barreessee qabatee dhufe, namni Dubbichi ifatti akka beekuuf barreessee qabatee dhufe, isaan garuu hiika isaa hin beekne; Museen garuu ifatti dubbate. Innis, “Abboommichi akkas jedha, sababiin isaas kana” jedhee ibseera. Inni ifa godheera. Osoo ifatti hin ba'in duras ni golgama ture.

52 Har'as akkasuma, hamma mul'atee namootaaf ifatti baafamutti namoota jalaa aguugama—Waaqayyo, Waaqayyo jabaan, foon namaatiin haguugame, Sagalichi.

Hubadhaa. Amma, warra hin amanne jalaa dhokatee, warra amananitti akka mul'ate argina. Hubadhaa. Museen kophaa isaa gara utubaa ibiddaa sana dhaquu qaba ture; namni isaa wajjin deemuu hin dandeenye. Hin turre ... ture.... Sun maal nutti dubbata? Akka isin garee Pheenxeqosxee jedhamanitti makamuuf hin hin dhufne agarsiisa. Argitanii? Inni gonkumaa gurmuu tokkotti mul'isee hin beeku; nama dhuunfaatti mul'ise malee. Har'as akkasuma in ta'a. Isin, "Ani kan waldaa ta'e tokkooti. Ani kan kanaati" jettu. Garuu sun hin hojjetu. Argitanii? Namni Musee duukaa bu'uuf yaalu kamuu, nama isa fakkeessuu yaalu kamuu ni du'a ture. Har'as akkasuma, itti fakkeessuuf yaaluun du'a fida. Kanatu sana....

53 Halkan gareewwan gidduudhaa warra fooniin ka'an wal bira qabnee ilaalla—namni tokko lafumaa ka'ee itti fakkeessuu yaala, jireenya kan biraa jiraata: dhuguu danda'a; tamboo xuuxuu danda'a; dubartoonni karaa barbaadan kamiinuu ... akka barbaadanitti jiraachuu danda'u, akka biyya lafaa; akkasumas mana taa'anii televijiinii fi waan biyya lafaa ilaalaa, nuyi Pheenxeqoosxeedha jedhanii of waamu. Waan dhugaatti fakkeessuuf yaalaa jiru. Inni gonkumaa isaanitti mul'atee hin beeku. Inni yummuu mul'atutti ulfina qabeessa waan ta'eef yeroo achi seentan waan ta'e tokko isin keessaa baasa. Isin golgaa taatu. Innis hin hojjetu. Fakkeessuun immoo du'a fida ture.

54 Museen ni haguggate, inni sabaaf Sagalee jiraataa ture. Har'as namoonni haguugaman kanuma; isaanis caaffata harka namaatiin barreeffamee, namoota hundumaan dubbifamudha, caaffata haaraa osoo hin taane, caaffata durumaan barreeffamee mul'ifame dha malee. Isaan warra Sagalee fi abdii guyyaa kanaa isa Waaqayyo Hafuura Isaa foon qabeessa hundumaa irratti in dhangalaasa jedhanii amananidha; sun immoo caaffata harka namaatiin barreeffamed ha. Namni tokko yummuu fooniin sana fakkeessuuf yaalutti immoo tasa balleeffama. Jireenyi keessan maal akka taatan dhugaa ba'a.

55 Yeroo tokko gurbaa tokkotu ture; gurbaa rakkina wayii keessa bu'etu ture. Inni mucaa gaarii ture, garuu mana murtiitti dhi'aate; abbaan murtiis, "Yakkamaa akka taate bira ga'eera. Hidhaan umurii gutuu sitti murtaa'uu qaba" ittiin jedhe.

Innis, "Dhimma himata kootii qoree ilaaluun barbaada" jedhe. Innis, "Ragaan narratti ba'ame akka naaf ilaalamun baraada" jedhe.

Innis, "Ragaa hin qabdu. Ragaan sitti ba'e waan sitti faradchiisudha" jedhe.

Har'as akkasuma. Sababni waldaan akka ta'uu qabutti hin tarkaanfanneef ragaan sobaa waan dhugaa ba'amuufiifi dha. Caalaatti of kennuu qabna. Dubbii Waaqayyoo hundumaa amanuu qabna. Hanga Dubbiin sun dhugaa nuuf ta'utti sakatta'uu qabna, ilaalaa. Galmee ragaa sobaatu akka ol hin seenneef nu dhorka.

56 Garuu yeroo tokko (mana hidhaatii ba'uuf), manuma murtii sanatti mucichi maallaqa kaffalee ba'u hin qabu ture. Kaffaltii ofirraa kaffaluu hin dandeenye. Adabbiin sun doolaara kumaatamaan lakkaa'amu ture. Garuu obboleessa guddaa dhufee isaaf kaffalu qaba ture.

Amma, nuyi obboleessa guddaa tokko qabna, Innis Yesus, Ilma Waaqayyoo ti; Innis nuuf kaffaluuf in dhufa, kunis yoo amannee Isaawajjin golgichatti ol seenuu dandeenye qofa dha. Akkuma isa Inni Musee keenya ta'ee ti—Yesus Musee keenya har'aati; golgaan Musee namootaaf Sagalee jiraataa ture. Har'a, Yesuus Dubbii jiraataa keessa golgamee namootatti ... Yesuus Waldaa Kiristaanaa keessa jira. Hafuurri Qulqulluu, Ilmi Waaqayyoo, namoota keessa jiru, abdii guyyaa kanaatiin Sagalicha mul'isuun, sirrii isa taasisa. Ammas sanuma!

Akkasumas yaadadhaa, Museen kana kan mul'ise addunyaa guutuutti osoo hin taane, saba ba'uu deemaniif mul'ise—qomoo saba tokkoof mul'ise. Sunis warra ... Warra seera ba'uutiin ba'aa turniif mul'ise. Har'as, Hafuurri Qulqulluu fuula namoota warra, "Fayyyiin hoodaa sirrii miti!" jedhan dura jira. Yeroon gorsaa turetti....

57 Doktorri tokko guyyaa tokko dubartii tokkoof naaf bilbile na waamee ture. Oo, dhukkuba gosa afur moo shaniin dhukkubsatanii achi ciisanii, sa'aatii du'aa qofa utuu eeggachaa jiranii, Hafuurri Qulqulluu immoo isaan fayyise. Doktarichi gaaffii keessa gale; innis, "Kun attamitti ta'uu danda'a? Maaliif" jedhe, "Ani.... Sun dhukkubsataa kooti" jedhe.

Anis, "Akkas ture, amma garuu kan Waaqayyoo ta'eera. Amma dabareen kan Isaati"n ittiin jedhe. Argitanii?

Kanaaf, wanta ta'e ilaalaa, innis Waaqayyo golgaa foonii duuba dhaabatanii warra itti fakkeessuuf yaalan, warra miseensa waldaa ta'aa jedhan keessaa akka ba'aniif waamaa jira, Meetodistii, Baaptisitii, Pirisbiteriyaan, hundumaas miti, Waldaa Pheenqoostaalii ti malee. Dhimmichi dhimma dhuunfaa ti; isinii fi Waaqayyodha. Garee keessan miti, waldaa keessan miti, paastarii keessan miti, kan ba'uu qabu isin malee.

58 Amala Musee kan biraa akka hubattan nan barbaada. Inni yummuu as deebi'utti, amma iyyuu raajii ta'uu isaatiif, nama guddaa ta'uu ta'uu isaatif, yummuu Dubbicha qabatee as ba'utti, fuulli isaa akka jijjiirame argan. Wanti ta'e tokko isarratti ta'ee ture. Dubbii yeroo sanaaf mirkaneeffame kenname, abboommicha qabate yummuu qabatee as ba'utti nama jijjiirame ta'ee ture. Isinis golgaa namummaa foonii isa walga'ii akka kanaatti kolfu, isa fayyina hoodaatiin gufatu, isa "Guyyoonni dinqii darbaniiru" jedhu sana duubaa yummuu as baatan akkasuma in taatu.

Golgaa foonii sana, golgaa seera muka abbaa keessanii sana duuba sanatti of irraa baasaa, yummus namni hunduu waa akka isin irratti ta'u ni baruutii.

59 Akkuma Obboleessa keenya kabajamaa Jim Braawuun in taatu, irra caalaan warra Presbyteriyaanii—wanti ta'e tokko akkasuma akka isa mudate ni beektu jedheen yaada, sababiin isaas inni golgaa seeraa sana duubaa waan as ba'eef. Inni waan namoota keessaa ofitti isa hawwate tokko argee, golgicha duubaa as ba'e. Tole, ati ... yeroo golgaa duubaa as baatanitti, namoonni ifaan ifatti isin argu, waan ta'e tokko akka isin irratti ta'e arguu danda'u. Sagalichi warra hin amanne jalaa golgamee, warra amananitti garuu ifatti ba'ee garuu guutummaatti mu'ate: Yesuus Kiristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.

60 Yeroo sanatti inni Waaqayyo ture ... bara isaaniitti, Waaqayyotu nama, Ilma isaa, Yesus Kiristoos keessa ture. Sana ni amanna. Raajii idilee hin turre, nama idilee hin turre, dhala namaa idilee hin turre, Waaqayyotu Kiristoos keessa ture, Waaqayyotu nama keessa ture, guutummaa Waaqayyummaatu qaamaan nama keessa ture. Waaqayyo, nama tokko keessa ture; amma garuu, Waaqayyo namoota keessa jira. Guutummaa Waaqayyoo FakkaattiiWaaqayyummaa keessatti qaamaan guutummaa waldaa Isaa keessatti, Ofii Isaa mul'isdhaan Sagalee isaa fiixaan baasaa jira.

61 Amma, Waaqayyo baroota hundumaatti gogaa ofirraa qaba ture, ilaalla. Waaqayyo golgaa duuba dhokatee jira. Innis seenaa xiqqoo gara Kibbaa kanatti ta'e tokko na yaadachiise. Kanaaf, maatii kiristaana tokkotu ture. Maaatiin kiristaanaa kunis Waaqayyotti ni amanu, Waaqayyo rakkina hundumaa irraa akka isaan eegu amanus; Innis kana inuma godha. Isaanis Juuniyer (Junior) [warri adii ilma maqaa abbaa isaatti mogaasaniin Juuniyer jedhu] xiqqaa, mucaa xiqqaa gara waggaa torbaa ykn saddeet ta'u qabu, innis barumsa mucoolii nama baratuu fi mucaa amala gaarii qabu ture; garuu yeroo roobni roobu, keessumaa, yeroo qaqawweessa'u in sodaara ture.

62 Anis gaaf tokko nama ta'e tokkotti waan kana himeen tute, waa'ee fayyuu namicha tokkoo ilaalchisee barreeffamni yommuu ba'u, tajaajilaan kun, "Obboleessa koo Biraanhaam, isaan waaqa si godhachaa jiru" naan jedhe.

Tole, inni nama nama qeequ ture, kanaaf yaada mamii kana waa xiqqoo irraa cabsuufan yaade, ni beekutu, isa miidhuuf miti, akka waan ...malee, egaa anis, "Sana ta'uun Caaffata Qulqullaa'oo irraa waan baay'ee fagoodhaa?" jedheen gaafadhe. Argitanii? An ittufufen, "Lakki, irraa hin fagaatu" jedheen deebise. An ammas, "Sababiin isaa Yesuus raajotaan, isaan waaqayyoota waan jedheef"n jedheen. Argitanii? Sirriidha. Waaqayyo....

Isaani immoo, "Tole, isin jarri kun, iddoo Waaqayyoo of buusuuf yaalaa jirtu fakkaata" jedhu.

Sun waan haaraa miti; sirriitti sanuma. Sirriitti kanuma! Waaqayyo akkuma abdachiisetti foon keessaan mul'ate.

63 Maatii xiqqaa kana arganna ... Seenaa xiqqoo amma sammuutti na dhufe kanan isatti himee ture, innis halkan gaaf tokkoo bokkaan qaqaawweessa'aa dhufe, Haati Juuniyeris, "Yaa ilma koo, gulantaa ol darbiitii, dhaqii rafi" ittiin jette.

Innis, "Immammaa koo, anoo nan sodaadha" isheedhaan jedhe.

Isheenis, "Wanti si miidhu homtuu hin jiru. Ol ba'iitii rafi" ittiin jette.

Juuniyeeris ol ba'ee rafe, balaqqeessis foddaa keessaan isatti balaqqeessofnaan, mucichis akka malee rifate. Uffata qorraa mataa isaa irra buusee ofittis haguuge, garuu amma iyyuu balaqqeessa sana ni dhaga'a-ykn balaqqeessa sana karaa foddaa ni arga ture, akkasumas sagalee bakakkaa gungumuu ni dhaga'a ture; kanaafis, "Imammaa!" jedhee waame.

Isheenis, "Maal barbaadde Juuniyeer?" ittiin jette.

Inni immoo, "Asitti ol kottuu ana bira rafi!" jedheen.

Kanaaf akkuma haati gaarii fi amanamtuun kamiyyuu gootu, isheenis ol baatee bira dhaqxe; mucicha kaasittu baattees, "Juuniyeer, Harmeen kee amma sitti dubbachuu barbaaddi" ittiin jette.

Innis, "Tole Immaa" jedhe.

Isheenis, "Amma, kana sammuu keetti qabachuu qabda. Nuyi yeroo hundumaa waldaa ni deemna; Macaafa Qulqulluu ni dubbisna; ni kadhanna; nuti maatii kiristaanaati; Waaqayyotti ni amanna" jetteen. Itti fufetees, "Bakakkaas ta'e, waan ta'uuf deemu hundumaa keessatti Waaqayyo eegaa keenya akka ta'e ni amanna" jetteen.

Innis, "Immaa koo, waan sana hundumaa nan amana, garuu," jedhe, "yummuu bakakkaan sun qaqqawweessa'aa as dhi'aatutti," jedhe, "Waaqayyo isa gogaa ofirraa qabun of biraa qabaachuu barbaada" jedhe.

64 Kanaaf akkan yaadutti, Juuniyeer qofa osoo hin taane, sun hunda keenyatti iyyuu waan dhaga'amu dha. Yeroo walitti dhufnee walii walii keenyaaf kadhannutti ... Waaqayyoo gogaa uffate dha.

Waaqayyo yeroo hundumaa gogaa akka uffatu asitti ni arganna. Museen yommuu Isa argetti, Inni gogaa ofirraa qaba ture; Inni nama fakkaata ture. Waaqayyo yeroo golgaa duuba ture gogaa Of irraa qaba ture. Ammas Waaqayyo galgala kana, gogaa uffatee waldaa isaa keessa golgamee jira. Halkan kanas Inni ammallee Waaqayyo isuma sana dha. Sana ni arganna.

Amma garuu akkuma yeroo kamiyyuu golgaan gogaa seera muka abbaa ti. Namoonni sun kan akkas isaan godhaa jiru Waaqayyo akka ta'e hin amanan. Argitanii? Sababiin isaas Waaqayyo waldaa Isaa keessa golgamee jira, gogaa keessa ... gogaa keessa golgamee jira. Sirriidha. Inni warra hin amanne jalaa dhokatee jira, warra amanutti garuu mul'ateera. Eeyyee gooftaa!

65 Amma, yeroo golgaa seera muka abbootii isaanii Sagalichi kutee keessa darbutti, oo, eeyyee, har'uma kana, yummus egaa ija keenya duratti Isa argina, Waaqummaan (Deity) ammas deebi'ee foon namaatiin golgamuu Isaa argina. Ibroota 1 irratti, Seera Uumamaa 18 irrattis kanuma jedha. Waaqayyo nama ta'ee Abrahaamii wajjin taa'ee nyaata nyaachaa haasa'aas akka ture ni yaadttu, Inni achitti waan Saaraan dunkaana duuba teessee garaa isheetti yaaddes isheetti hime. Yesuus immoo, "Bara Sodoomitti akkuma ta'e, guyyaa itti ilmi namaa mul'atuttis akkasuma in ta'a" jedhe, Waaqummaan ammas foon namaatiin in golgama.

Amma yaadadhaa, Yesus, "Yeroo Ilmi Waaqayyoo itti mul'atutti" hin jenne, Luqaas boqonnaa 17ffaa, lakkoofsa 20ffa irraa jalqabee waan kana dubbata jedheen amana; Innis, "Guyyaa Ilmi namaa itti mul'atutti," jedha, kana jechuun Ilmi namaa ammas Waldaa keessatti yeroo deebi'utti, dhala namaa keessaan yummuu mul'atutti jechuu dha, Ilma Waaqayyoo osoo hin taane, Ilmi namaa ni deebi'a, inni ammas guyyaa gara dhumaatti Waldaa isaa keessatti deebi'ee in mul'ata. Innis abdii Waaqayyoo keessatti kana akka abdachiise arginna.

66 Waan biraa tokko hubanna. Kakuu Moofaa keessatti (Seera Ba'uu keessaa kutaa Caaffataa tokkon of harkaa qaba) gogaa hoolaa bishaanii argina.... Gogaan sun maal godha ture? Calaqqisa ulfina Waaqayyoo saba irraa dhorka—gogaan hoolaa bishaanii. Sababni sabni arguu dadhabeef, gogaa sanatu achi ittisa waan ta'eef. Gogaan sun.... Calaqqisni ulfina Waaqayyoo gogaa duuba ture. Amma garuu, culfinni Waaqayyoo gogaa keessan duuba jira, sirrii dha, warri seeratti qabamanii jiraatan immoo isa hin argan. Inni golgaa keessaan, iddoo Sagaleen isaa ture jira.

67 Gogowwan sana gara keessaatiin, gara duubaatiin wanti ture, gogaa hoolaa bishaanii isa moofaa duuba wanti ture miidhagina ija namaatti tolu qaba turee? Yeroo foon ta'ee nu gidduu buufatettis, amma iyyuu bareedina ija namaatti tolu hin qabu ture. Ammas, har'as sanuma. Dhiiras ta'e dubartii keessa wanti ija namaa hawwatu hin jiru, isa isaan duuba jirutu nama hawwata malee. Egaa inni akkasi.

"Tole, namicha sana nan beeka, inni machaa'aa ture. Inni duraan kana godhaa ture" jettu. Wanti inni kanaan dura hojjechaa ture na hin dhibu. Gogicha duuba maaltu dhokfame? Waan achi duuba jirutu herregama, isa kan.... Namoonni jaamaniiru; gogaa sanatu namoota jaamsa. Argitanii? Isaan, "Dubartii sana nan yaada, isheen kanaan dura…. gooti turte" jedhu.

Duraan waan isheen hojjettu nan beeka, garuu amma hoo? Argitanii? Gogaan holaa bishaanii duraanii sun ulfina Waaqayyoo dhoksaa ture, amma garuu akkas miti, Waaqayyo isa duuba buufata ture. Inni gogaa bineensaa ture, garuu ulfinni Waaqayyoo achi keessa buufata ture.

Gogaan keessanis akkasuma halkan kana jijjiiramee, mana Waaqayyoof keessa buufatu ta'uu danda'a, Waaqayyo nama foonii keessa jiraata.

68 Ilaalaa, gogaawwan hoolaa bishaanii durii sana duuba waan jiru arganna—isa keessa Sagaleetu ture. Sagalichi ... kana malees buddeena ilaalchaatu ture. Gabateen kakuu sanatti dhiigatu facaafama ture. Sun maal ture? Ulfina Sheekaayinaatu achi keessa ture.

Amma, Sagaleen Waaqayyoo sanyii dha, sanyiin immoo hanga aduun isatti ba'utti ija hin godhatu. Sanyiin ija godhachuuf, firii godhachuufis ifa aduu argachuu qaba. Karaan ittiin Sagalicha fudhattanis karaa sana qofa. Argitanii? Dubbii waaqayyoo garaa keessanitti fudhadhaatii gara ulfina Sheekaayinaatti deemaa. Yeroo kana gootanittis mannaa buddeen ilaalachaa isa saba adda ba'e qofaaf kennamu in

argattu. Namni isa nyaachuu danda'u, namni isa nyaachuun hayyamameef, saba akka isa nyaataniif hayyamameef qofa.

Hubadhaa, Phaawuloosis asitti, "Ulfinaa gara ulfinaatti darbuudhaan" jedheera. Argitanii? Dhumarratti gara isaatti—gara ulfina isaa isa jalqabaatti deebi'a. Innis akkuma sanyii midhaanii ulfinaa isaa isa ganamaatti deebi'a.

69 Sanyii daraaraa tokkoo, biyyoo keessatti in kufa. Sanyiin boqqolloo biyyoo keessatti in awwaalama. Inni jalqaba maal ta'a? Ni biqila, achiis umna baasa; sana booda gara daraaruutti deema. Sana booda daraaraa irraa gara midhaan isaa isa jalqabaatti ta'uutti deebi'a.

Tole, wanti waldaan gootes sirriitti waanuma kana. Isheen Luuter irraa, Wesley irraa dhuftee, amma immoo gara midhaan jalqabaatti, gara ulfina ishee isa jalqabaatti, gara ulfina jalqaba turteetti deebi'aa jirti. Aduun isheen karaa Bahaan baate sun aduudhuma ulfinaa gara ulfinaatti darbaa, gara Dhihaatti waanuma wal fakkaatu mul'isaa jirtudha.

Isheen warra waaqa tolfamaa irraa gara Luuteritti ol biqilte, Luuter irraa gara Wesleyitti ol guddatte , Wesley irraas gara Pheenxeqosxeetti ol dagaagde, akkausmatti itti fuftee, ulfinaa gara ulfinaatti darbuudhaan, ija mannaa dhokataa godhachaa jirti. Egaa amma, sirriitti ijuma Isa jalqabaa wajjin tokko kan ta'e, tajaajiluma Isaa, isuma kan Yesuus, humnichuma, Hafuura Qulqulluu isuma sana deebisuuf isheen bilchaatteetti. Inni guyyaa Pheenxeqoosxeetti gadi bu'e sun Hafuura Qulqulluu isuma har'a ulfinaa gara ulfinaatti, ulfinaa gara ulfinaatti darbee mul'atedha, cuuphaa Hafuura qulqulluutiinis gara sanyii isaa isa jalqabaatti deebi'eera, malikkinni gosuma sana, dinqii ngosuma sana, cuuphaan gosuma sana, deemsi namootaa gosuma sana, humnichi gosuma sana, miirri isaan qabanis gosuma sana. Isheen Ulfinaa gara ulfinaatti darbite. Sadarkaan itti aanu immoo isa nuyi ufina kana irraa gara fakkaattii dhagna isaa isa ulfinaan guutuuutti diddiiramnu dha, achittis Isa in argina. Abrahaamis kanuma arge.

70 Amma, hubadhaa. Akkamitti akka jijjiirame ni argina. Qaraaniyoo irraa eegallee ulfina isaa akka qooddannuuf affeeramneerra. Amma, 1Qorontos 12 keessatti, "Nuyi dhagna isaatti dabalamuuf cuuphamneerra" jedha. Hundumti keenya Hafuura tokkoon cuuphamne malee bishaan tokkoon cuuphamne miti, hundumti keenya Hafuura tokkoon cuuphamne. Sirriidha. Amma. Sana booda egaa, bu'aa dhagna Isaa taana. (Yeroo dheeraa akkan isin hin tursine abdiin qaba, argitanii. Isin hin tursu jedheen abadadha.)

Garuu akkuma siimfoonii guddaa taphatamaa jiruu ti—yookiis diraamaa hojjetamaa jiruuti. An waa'ee simfooniiwwanii ykn waa'ee diraamaa waa baay'ee hin beeku, garuu tapha kana ilaalaan ture, waa'ee diraamaa kanaa isa intalli koo fi hiriyoonni ishee Kaarmeenitti agarsiisanii dubbachaan ture. Isaanis rukuttaa nootaa siimfooniitiin, Kaarmeen keessatti agarsisaa turan. Isaanis sosochiidhaan agarsiisaa turan... muuziqaanis sochiidhuma isaanii faana deemaa ture. Hafuura qulqulluudhaan gara Kiristoositti yeroo cuuphamtanis akkasuma ta'a.

71 Amma ilaalaa, baay'een keessan seenaa qindeessaa muuziqaa guddicha Raashiyaa isa 'Peter and the Wolf' qindeessee dubbistaniittu ykn dhageessaniittu. Akkasumas akkaataa isaan milikkitaa fi waan baay'een diraamicha hojjetanis dhageessaniittu. Akkasumas namni seenaa sana beeku kamiyyuu, yummuu waraqaa irraa dubbifamutti simfoonii sana dhaga'uu danda'a, maaliif jennaan taphicha, diraamicha keessatti jiijjiirama itti aanee dhufu hunda ni beeka. Waraqaa irra ilaalanii jijjiirama itti aanee dhufu arguu danda'u. Amma garuu, yoo qindeessaan waan tokko barreessee, taphataan muuziqaa immoo sirriitti yoo taphachhuu dhaabaate maaltu ta'a? Yeroo sanatti rakkoon ta'e tokko akka jiru ni arganna; wanta hanqatetu jira. Yommuu hanqinni akkasii mudatu qindeessaan ... sirriitti hojjetee barreessee baase, garuu, taphataan simfoonii sanaa nootaa dogoggoraa dha'ee taphataa jira jechuu dha; wanti dogoggora ta'e tokko jira. Daayireekteratu sochoo dogoggoraa kenne, ilaalaa.

72 Rakkoon har'a jirus kanuma, obboloota koo Luteraanotaa, obboloota koo Baaptistootaa, obboloota koo Pheenxeqoostaalotaa, obboloonni koo hundinuu kanneen damee amantii kiristaanaa adda addaa keessa jiratan; rakkoo akkasii qabdu, ilaalaa. Rukuttaa noottaa bara Luuter, ykn kan bara Weslii duubatti deebitanii rukutuuf yaalaa jirtu, waraqaan mallattoo nootaa muuziqaa isin dura jiru garuu guyyichi guyyaa biraa ta'uu agarsiisa, ilaalaa. Hubadhaa, amma ifa Luuter keessa jiraachuu hin dandeenyu; inni nama haaromsaa ture. Ga'ee inni taphateef ni dinqisiifanna, garuu nootaan sun taphatamee darbeera. Amma gara duuba kitaabichaatti dabarreerra achirraa taphachaa jirra, ilaalaa. Akka sanatti taphachuu hin dandeenyu.

73 Amma obboloota koo, karaan isin yoomiyyuu isa kana taphachhuu dandeessan karaa tokko qofa.... Obboloonni biyya lafaas (kutaalee addunyaa garaa garaa keessa kan jiratan jechuu koo ti), karaan daayreektarri sun duukaa bu'uu qabu tokko qofa. Innis immoo, Hafuuruma qindeessaan sun keessa ture keessa seenuu qaba, yoos karaa sirrii irra bu'ee taphachiisa. Yeroo waldaan, simfooniin mataan isaa—iddoo biyyi lafaa mikkitaa fi dinqiiwwan kanneen ilaalaa jiran—yeroo waldaan, qindeessaa fi daayirektarri hundinuu Hafuura qindeessaa sanaa keessa galanitti,

74 yummuu isaan "Guyyaan dinqii darbeera" jedhan, nootaa sirriin hin dha'amu. Garuu yeroo inni sochii sirrii fi hafuura sirrii keessa seenutti....Hamma Hafuuriri qindeessaa muuziqichaa gadi bu'utti akkamitti muuziqicha taphachuuf ree? Ameen!

Sana booda yummuu isin "Guyyoonni dinqii gonkumaa hin darbu" jettanitti, simfoonichi, "Ameen!" jedhee iyya.

"Yesuus Kiristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis sanuma" jennee yeroo dhoofnu, simfoonichi, "Ameen!" jedhee iyya.

"Hafuurri qulqulluun erga isinirra booda humna in argattu"; simfoonichis, "Ameen! argadheera" jedhee iyya. Yummus egaa sana booda tilmaamaan rukutuun hin jiraatu; guutummaan simfoonichaa Sagalichaa wajjin sirriitti wal simsiifamaa dha. Kunoo akkasitti wal faana deema [Obboleessi keenya Branham sochii walitti fufiinsa qabu agarsiisuuf harka isaa walitti rukuta]. Akka kana. Oo, waan ajaa'ibaati. Daarektarri fi qindeessaan muuziqaa Hafuura tokko keessa ta'uu qabu, akkasuma muuziqeessitoonnis sirriitti taphachuuf Hafuura tokko keessa ta'uu qabu. Biyyi lafaas wanta ta'aa jiru dinqifataa jirti.

Koominizimii, waa'ee isaa yummuu dubbatan—na dhukkuba—sanyummaan walitti ida'amuu, sanyummaan addaan qooduu fi wanti kaan hunduu na dhukkubsa... Oo, araara! Kan akkasii—yeroon dhufaatii Gooftaa dhi'aatutti waanuma hin taanee akkasiitu ta'a mitii ree! Rukuttaa sirrii hin ta'intu dha'amaa jira. Daayirektarichi—daarektaroonni Hafuura qindeessaa muuziqichaa keessaa ba'aniiru jedheen sodaadha.

75 Hafuura qindeessaa sana, humna Waaqayyoo isa jalqabaa sana, Hafuura Qulqulluu isa namoonni dur ittiin geggeeffamanii Macaafa Qulqulluu kana barreessan sana yummuu argannutti, akkuma citaa waraqaa namicha Chaayinaa sana lamaaniitti Macaafni Qulqulluu Waaqayyoo fi warri amanan walirra bu'anii wal simu; sababni isaas lamaanuu Hafuuruma tokko keessa waan jiraniif; lamaanuu tokkuma. Lamaanuu sirriitti wal irra bu'u (dovetail).

Har'a kan nu barbaachisu daayirektaroota. Sirriidha. Gara Dubbichaatti deebi'aa. Duubatti deebi'aatii waan inni jedhe amanaa.

Yummus Waaqayyoon, Isuma Mataa Isaa in argitu; golgaan duraa kaafameera; diraamichi dhugoomeera.

76 Isaan har'a, "Eeyyee, Inni Waaqayyo seena-qabeessa dha. Galaana Diimaa akka addaan hire ni beekna. Inni kana hundumaa godheera, Inni ijoollee Ibirootaa sanaa wajjin ibidda boba'u keessa ture" jedhu. Waaqayyo seena-qabeessa ta'uun maal fayyada, yoo har'as seenaa hin hojjetin?

Dhalli namaa yeroo hundumaa waan Waaqayyo hojjetee darbeef ulfina Isaaf kennaa, waan Inni fuulduratti hojjetu yaada, waan Inni amma hojjechaa jiru garuu hin amanu. Waan akkas gocchisiisutu nama keessa jira, har'as akkasuma obboloota koo; waanuma wal fakkaatudha.

Oo, Maaloo! Mee kottaa duubatti haa deebinuu, iddoo biyyi lafaa arguu danda'uttis simfoonii sirreessinee haa taphannuu. Yesuus, "Ani yummuun lafa irraa ol kaafamu, nama hundumaa ofitti nan harkisa" jedheera. Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.

Daarektaroonni muuziqeessitootaa wajjin Hafuuria sirrii keessa haa seenan, qindeessaan bira jiraannaan, wanti hunduu gaarii ta'a. Sana booda nuyi akkasuma— tilmaamaan hin taphannu, nuyi yeroo sanatti Isatti dabalamneerra. Ibroota 13:8 irratti, "Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana" jedha.

77 Hojii Ergamootaa boqonnaa 2 keessatti nuyi Isaa wajjin turre. Cuuphaa gosuma tokkichaan, waanuma wal fakkaatuun isaanii wajjin turre. Waan Inni yeros ture hundumaa, waan Inni amma ta'e hundumaas, guutummaa waan Inni turee fi guutummaa waan Inni ta'ee jiruu, nuyis taaneerra. Kun sirrii dha.

Dubbicha kanaan wal fakkaata, an nama Ameerikaa dhugaa ta'uu yoon barbaade, waan isheen turte hundumaa, waan isheen amma itti jirtu hundumaas ishee wajin baachuun qaba. Ishee bira dhaabachuun qaba, yoon nama Ameerikaa dhugaa ta'e. Yoon nama Ameerikaa dhugaa ta'e, Plymouth Rock irra qubadheera jechuudha. Ameen! Yoon nama Ameerikaa ta'e, sana godheera. Isinis akkasuma; abbootii keenyaa wajjin Plymouth Rock irra qubanneerra. Yeroo isaan Plymouth Rock qubatanitti, anis isaanii wajjinan ture; isinis akkasuma turtan, namni hunduu.

78 Balaa isheetti dhufuuf jiru akeekkachiisuuf Paul Revere wajjin gadi bu'eera. Sun sirriitti sirrii dha. Irraan gadee karaa Valley Forge kanaa, loltoota walakkaan isaanii miilla qullaa wajjin anis cabbii Delaware qaxxaamureera. Halkan guutuu Joorji Waashingitan wajjin dursee kadhadheera. Anis mul'ata garaa koo keessaa qabadhee Delaware qaxxaamureera. Nuyi Ameerikaanota. Eeyyee gooftaa! Valley Forge keessatti kana gochuun koo beekamaadha.

Ayyaana Galatoo abbootii isa jalqabaatti irratti anis hirmaadheera; anis galata Waaqayyoof dhi'eesseera. Yoon nama Ameerikaa dhugaa ta'e, afeerraa nyaataa sana irratti argameera. An yoon nama Ameerikaa dhugaa ta'e, yeroo Stonewall Jackson bira dhaabadheera. Yoon nama Ameerikaa dhugaa ta'e, yeroo gowwomsaa isaanii morminee dura dhaabannetti (eeyyee obboo!), anis Boston Tea Party irratti argameera. Ani nama Ameerikaa dhugaan ture, kanaafis achitti argamee bira dhaabdheera. Eeyyee gooftaa! Oo, maaloo!

79 Anis Adoolessa bara 1776tti bilbila walabummaa isa jalqabaa bilbileera. Anis bilbila walabummaa bilbilee walaba ta'uu keenya labseera. Ameerikaa dhugaa ta'uuf sana gochuun koo dirqama ture. Warraaqsa keessatti ishee wajjin leeyya'eera, yeroo obboleessi obboleessa irratti.... akkuman ulfina ishee baachuuf jirutti, salphina ishees baachuuf dinqaman qaba. Yoon nama Ameerikaa ta'e, akkas ta'uun qaba. An isheetti waamameera. Eeyyee, gooftaa!

Anis dachaa Geetisbarg keessan ture, yeroo Liinkan haasawaa godhetti. Eeyyee gooftaa! Anis Wake Island keesan ture, anis dhagna loltuu dhiigaan laaqame sana keessaa tokkon ture. Anis Wake Island keessatti ol ka'eera. Guwaam irratti, anis gargaaree alaabaa ol qabeera. Ani nama Ameerikaa dhugaati. Ameen! Wanti isheen taatu hunda, anatu ta'a, ittiin boonas. Eeyyee, dhuguma! Waan Ameerikaan turte hunda, waan isheen amma itti jirtu hundas, ammallee itti fufee nama Ameerikaa ta'uuf waan isheen taatu nan ta'a. Waan isheen turte hunda ta'uun qaba, sababiin isaas ani isheettin waamama.

80 Kristaana dhugaa ta'uunis akkasuma. Isaa wajjin adda baafamuu qabdu. Ani Musee wajjin lallabee saba akeekkachiisera ykn Nohi wajjin lallabee firdii dhufuuf jiruuf saba akeekkachiiseera, kiristaana dhugaa akka ta'aniif isaan akeekkachiiseera. An Musee wajjin wuuxxii qoraattii gubatu bira tureera; Utubaa ibiddaa argeera; Ulfina isaa anis argeera. An Musee wajjin afa onaa sana keessa tureera. An kiristaana ta'uuf, waan Waaqayyo ture hundumaa wajjin adda baafamuun qaba, kiristaana ta'uuf. An ulfina Isaa argeera; Sagalee Isaa dhaga'eera. Amma isa narraa fageessuuf naaf ibsuuf hin yaalin, sababiin isaas ani achin ture. Waanan dubbadhu nan beeka. Waan raawwatame argeera. Eeyyee gooftaa!

81 Ani Galaana Diimaa bira waanan tureef yeroo Hafuurri Waaqayyoo gadi bu'ee bishaan gargar hire argeera, karaa lafa caffaa'aa isa isaan har'a jechuu yaalanii osoo hin taane, galaanaa hanga faana sagaltamaa dheeratu keessa ce'an. Anis Hafuura Waaqayyoo argeera. Anis Musee wajjin lafa goggogaa Galaana Diimaa sanarra deemee ce'eera. Anis gaara Siinaa bira dhaabadhee, bakakkaa fi qilleensa jabaa gadi bu'e sana argeera. Anis isaanii wajjin mannaa nyaadheera. Anis dhagicha irraa dhugeera; Halkan kanas ammallee dhugaan jira. anis warra mannaa nyaatanii wajjin adda baafamee waamameera. Anis warra dhagicha irraa dhuganii wajjin adda baafameera.

Iyaasuun malakata afuufnaan yummuu dallaan Yerikoo kufes ani isaa wajjinan ture. Anis Daani'eel wajjinan boolla leencaa keessa ture. Anis ijoollee Ibirootaa wajjinan boolla ibiddaa keessa ture. Ani tullicharran ture—Eliyaas wajjinan Tulluu Qarmelos irra ture.

82 Ani Yohaannis cuuphaa wajjinan fuula qeeqxotaa sana dura ture. Hafuurri Waaqayyoo yeroo gadi bu'u anis argeera; Sagaleen Waaqayyoo, “Kun Ilma koo isa jaallatamaa dha; gammachuun koos isatti in raawwatama” yeroo jedhu anis dhaga'eera. Eeyyee gooftaa! Ani Isaa wajjin adda baafamuun koo mirkanaa'adha. Sun guutummaatti sirrii dha.

Yeroo Inni Alaazaariin du'aa kaase anis Isaa waajin adda baafameera. Yeroo Inni dubartii boolla bishaanii bira turte santti cubbuu ishee hime anis ishee wajjinan ture. Eeyyee gooftaa! Du'a Isaa keessatti anis Isaa wajjin ittii hirmaadheera. Ayyaana Faasikaa isa jalqabaa irrattis ani hirmaadheera; ani Isaa wajjin du'aa ka'eera. Anis Isaa wajjin du'eera.

Namoota 120 wajjin anais Kutaa mana Qulqulluummaa isa gara olii keessan ture. Ani isaanii wajjinana achi ture. Oo, miira nama amantii qabuutu natti dhaga'amaa jira. Ameen! Anis achin ture. Ani isaan keessaa nama tokko. Ani adda baafameera; shaakakala isaan argatan sana anis argadheera. Kiristaana dhugaa yoon ta'e, anis achin ture.

Bubbee jabaa bubbisaa dhufe sana anis dhugaa ba'eera. Sana ragaa ba'eera. Humni Waaqayyoo utuu na raasuu natti dhaga'ameera. An warra afaan haaraa dubbatanii wajjin dubbadheera. Dibanni achitti ta'e anarrattis ta'eera. Ani isaanii wajjinan ture. Yeroo Hafuurri Qulqulluun afaan haaraadhaan isaan dubbachiisuu jalqabetti anis isaanii wajjinan itti hirmaadheera. Hojii Ergamootaa 2 irratti yeroo Pheexiroos qeeqxoota dura dhaabatee lallaba guddaa sana lallabe anis isaa wajjinan lallabeera. Eeyyee gooftaa!

83 Hojii Ergamootaa 4 keessatti, yeroo isaan walitti qabaman jiranitti yummuu manichicha raafame aniis isaanii waajinan ture. Yeroo isaan walitti qabamanii kadhatanitti guutummaan manichaa raafame; anis isaani wajjinan ture.

Anis Phaawulosii wajjin gaara Maarsii (gaara Aariyophaagos) irratti lallabeera. Eeyyee gooftaa! Anis Yohaannis wajjin Odola Paatmos jiraadhee dhufaatii Isaa isa lammaffaa argeera. Anis Haaromsa keessatti

Luuterii wajjin tureera. Yeroo ibiddi wal irraa hin cinne sun qabsiifame, yeroo fincilli guddaan waldaa Angilikaanii irratti ka'e anis Weesilii wajjinan ture; anis isaa wajjinan achi ture.

Kunoo halkan bara 1964 kanatti immoo, Filadelfiyaa, Pensilvaaniyaa keessatti, waanuma wal fakkaatuun, hojiidhuma wal fakkaatuu qabadhee asan jira. Kiristaana ta'uuf sana ta'uun qaba. Iddoo Dubbiin Waaqayyoo itti mul'achaa jiru adda baasee, achi jiraachuun qaba.

An garee Hafuura Waaqayyoo of keessaa qabanii wajjin hiriireen jira.

84 Ani garee akka golgaan irraa fuudhame beeku biran jira, warra Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu isaa fi kunis immoo mankaraaressummaa akka hin taane beekuu wajjinan jira; kaleessa kan ture, har'as bara baraanis kan jiraatu Yesus Kiristoosidha. Ani galgala kana asitti garee sanaa wajjin adda baafameera, tuuta gantoota ittiin haa jedhamnu iyyuu malee, Sagalee Waaqayyoo bira waan dhaabanneef tuuta finxaaleyyii haa jedhamnu iyyuu malee, itti hin leeyyaanu. Ani garuu wangeela Yesus Kiristoositti hin leeyya'u, humna Waaqayyoo isa fayyina warra dibamanii waan ta'eef.

Ani isaanii wajjinan jira, caaffata lubbuu qabu isa afaaniin dubbatu, isa mirkanaa'e ta'een nama hundumaaf dubbifama, Waaqayyo bifa namaatiin dhiiraa fi dubartoota keessa golgamee jirae. Maaloo!

85 Waaqayyo 'en morphe' isaatiin ammas of mul'isee saba isaatti of beeksise, mootii guddaan ulfina isaa homaattuu hin lakkoofne. "Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee ana hin argu. Ani isaan jalaa nan dhokadha, isin garuu ana in argitu; an amma dhumaatti isinii wajjin waanan jiraadhuuf, isin keessas waan jiraadhaaf. Luuter irraa gara Wesleyitti, isa tokko irraa gara kaanitti ittuma fufee, ulfinaa gara ulfinaatti deeddarmee, ammallee Waaqayyo tokkicha ta'ee nan jiraadha. Gara ulfina jalqabaatti nan deebi'a." Haleeluiyaa!

86 Inni golgaa damee amantummaa hundummaa, danqaraaa sagalee hundumaa cabseera. Sagaleen sunis, "Oo, sun finxaaleyyii dha" jedhu, Inni sana cicciree keessa darbe.

Sagaleen achi keessaa ba'u "Oo, isaan maraatuu dha" jedhu, Inni garuu golgaa sana ciree keessa drbeera. Eeyyee, Inni akkas godhe!

"Oo, hin dandeessan. Isin tuuta finxaaleyyii malee homaa miti!" jedhu, Inni immoo sana caccabsee keessaa darba.

"Fayyyina hoodaa wanti jedhamu hin jiru." Inni sana cabsee keessa darba (Oo, maaloo!), Dubbiin isaa akkas jedhee waan dubbatuu kana godha. Dubbii Waaqayyoo mo'uu hin dandeessan.

Inni kunoo as ga'eera, ammas halkan kana, mootii jabaan Meetodistii, Baaptisitii, Pirisbiteriyaanota hundumaa mo'atee, gosa golgaa kan hundumaa cicciree bira darbee as ga'eera. Halkan har'as duudhaadhaan osoo hin mo'amin ummata isaa gidduu dhaabbatee jira. Namoonni waan barbaadan haa jedhan, waan barbaadan, waan fedhan haa godhan; Waaqayyo danqaraa sagalee sana caccabsee keessa darbee dhufa.

87 Akkasumas yaadadhaa, xiyyaarri tokko dhuguaatti danqaa sagalee isaa yeroo cabsu saffisi isaa daangaa akka hin qabne natti himamiiru. Ani immoo isinitti himaan jira, yeroo isin danqaa seera muka abbaa sana cabsitan, Yesuus duuba sana akka ture amma garuu achi akka hin jirre bartan, yeroo Inni kaleessa isa ture har'as bara baraanis isuma sana ta'uu isaa bartan, wanti Waaqayyo as walga'ii kana keessattii fi waan isaan barbaadan biyya lafaatti argisiisuu danda'u daangaa hin qabaatu; Miidhagina biyya lafaa osoo hin taane, haaromsa biyya lafaa isa mul'achuuu Waaqayyo isa jiraataatiin guutamuu fi cuuphamu dha: en morphe'n foon namaatiin of haguugaa jira. Haleeluiyaa!

Inni gufuu hundumaa, golgaa hundumaa cabseera jedheen amana. Golgaan kamuu, wanti argamuu Isaa dhoksuu danda'u tokkollee hin jiru. Garaan namootaa yummuu beela'utti, golgaa tarsa'uuf qophaa'etu jira; sana qofa irratti fuuleffadhaa. Hafuura Qulqulluu Isaa isa guddichaan golgaa hundumaa tatarsaasaa. Kunoo Inni jabaan mo'u, halkan kana as dhaabbata; Inni kaleessa ture, har'as bara baranis isuma sana ta'e dhukkubsattoota fayyisaa jira; amantoota cuuphaa jira, akkuma yeroo hundumaa godhu gochaa jira. Inni isa mo'taa humna guddaa qabuudha. Seexanoonni gubtanii baduuf jiran baqachaa jiru. Eeyyee gooftaa! Yeroo hundumaa naannoo Inni jiru hin dhaabatan.

88 Gara dhumaatti, kana jechuun barbaada. Seenaa tokkotu.... Waggoota hedduu dura seenaa nama vaayoliinii taphataa turee tokkon dubbisee ture. Innis vaayoliinii harkatti dulloomte tokko gurguruuf ture. (Seenaa kana yeroo baay'ee dhageessaniittu.) Isaanis horii murtaa'e tokkotti gurguruu barbaadan. Namichis caalbaasiitti dhi'eessee, "Namni hanga kanaa fi hanga kana naaf kaffalu?" jedhe. Tarii Saantima muraasa, saantima shantama ykn waan akkasii kennaniif jedheen amana. "Al tokko deeme, si'a lamataa deemee...."

Kallattiidhaan namnichi tokko dugda duubaa ol ka'ee, "Afachaa mee" jedhe. Innis ol adeemee meeshicha fuudhee ilaalee. Mee faarfannaa kana ittiintaphatee ilaalee haa jennu:

Burqaa dhiigaan guutametu jira

Hidda dhiigaa Amaanu'eel keessaa ka gadi yaa'u;

Cubbamoonni yommuu lolaa sana jala lixan,

Xurii yakka isaanii hunda isaan irraa dhiqa:

Sana booda yeroo inni meeshicha lafa kaa'utti iji nama hundaa imimmaan roobse. Sana booda "Eenyutu…. naaf dhi'eessa?" jedhe.

Inni tokko "Kuma shan" jedhe.

Tokko immoo "Kuma kudhan" jedhe.

Duraan waan gatii hin qabne ture. Maalif? Abbaan vaayoliinii qulqullina isaa isa dhugaa ifatti baase. Yaa obboleessaa, yaa obboleettii amma Gooftaan Sagalee kanaa Inni ISa barreesse, Hafuurri Qulqulluun inni guddaan, xiyya Isaa jaalalaan ol kaasee garaa kee keessa haa harkisu.

Burqaa dhiigaan guutametu jira

Hidda dhiigaa Amaanu'eel....

Gatii guutuu ni argitu Waaqayyo inni golgaa hin qabne ifaan ifatti utuu dhufuu ni argitu, akkuma guyyaa Pheenxeqoosxeetti namoota irra bu'etti, yeroo Inni ofii isaatii 'kenos' ta'ee, Ofii Isaa duwwaa godhee gadi bu'u ni argitu. Sirriidha.

Ati, "Obboleessa koo Biraanhaam, kana yaaleera. Sana Yaaleera. Kana, sana, ykn isa kaan hojjedheera" jetta.

89 Gaaf tokko, Kaarlsbaad, Niiw Meeksikootti walga'iin qaban ture; nutis boolla simbira halkanii guddaa onaa tokko keessa gadi bu'aa jirra turre; innis waan nama rifachiisu wayii fakkaata ture. Nutis achi gadi buune; namichis yeroo achitti gad buunetti ibsaa dhaamse. Oo, maaloo, attam akka dukkanaa'e utuu argitanii! Inni qofa ... dukkanni isaa baay'ee nama sodaachisa ture. Inni yeroo nuyi keessa deemaa jirruun tokkuma. Waldaa Dubbii Waaqayyoo beekuu dadhabde yeroo arginu; intaloonni Xiyoon maal gochaa akka jiran yeroo argitan; obboloota keenya warra tamboo xuuxan, warra dhugan, warra qoosaa xuraa'aa qoosaa amma iyyuu immoo Kiristoositti amanna jechuu yaalan (maaloo, maaloo!) yeroo argitan; yerichi dukkanaa'eera; dukkana limixii ta'eera.

Milikkita dhufaatii isaa ni argina. Ni ta'a ... yeroo hundumaa bari'uun dura ni dukkanaa'a. Sana booda bakkalchi barii guyyicha jabeessuuf, akkasumas dhufaatii isaa labsuu fi agarsiisuuf ni ba'a.

Hubadhaa!

90 Achitti, yeroo isaan ibsicha dhaamsanitti, intalli xiqqoo tokko sagalee ishee ol kaaftee iyyite. Mucaan xiqqaan tokkos lakkooftuu sana bira dhaabatee ture. Innis yeroo namichi ibsicha dhaamsu argeera. Obboleettiin xiqqoo sunis akka dhiphachuu taate. ISheen iyyitee oliif gadi utaaltee, "Oo, maaltu itti aanee ta'uuf deema? Maal rakkoon isaa? Maaltu ta'e?" jette.

Mucichi immoo maal jedhee akka isheetti iyye beektuu? Inni immoo, "Hin sodaatin obboleettii nana. Namni ibsicha qabsiisuu danda'u as jiraa!" jedhe.

Dhaggeeffadhu Obboleettii xiqqoo nana, nuti warra xixxinnaayyoo fi warra gadi deebi'oo keessa waan jirru sitti fakkaachuu danda'a, garuu hin sodaatin. Namni ibsicha qabsiisuu danda'u tokko as jira; innis Hafuura Qulqulluudha. Kana ni amantuu laata?

91 Yeroo xiqqoodhaaf mataa keenya gadi haa qabannu. Isin tursiisuu kootiif dhiifama. Yaa Waaqayyo guddaa waaqarraa, of mul'isi, of hiiki, Mootii Ulfina guddaa ta'uu Kee beeksisi, fakkeenyi muraasni galgala kana fudhanne kun garaa namootaa keessatti gadi haa bu'u. Isa golgaan duraa fuudhame sana, Isa gadi bu'ee golgaa mana qulqullummaa tarsaasee, achiis, golgaa sana keessaa as ba'e, Isa guyyaa Pheenxeqoosxeetti deebi'ee golgaa namaa keessatti gad bu'e, Isa gonkumaa hin jijjiiramne, Isa ulfinaa gara ulfinaatti geeddarame sana haa arginu.

Ammas, akkuma uumamaa hundumaatti deebinee jirra, gara sanyii isa jalqabaatti deebi'aa jirra, bara waldaa tokko irraa gara isa kaaniitti ce'aa jirra. Bara dhumaa kana keessattis, kunoo gara waan jalqabaa isa guyyaa Pheenxeqoosxeetti bu'eetti deebinee jirra, Caaffata Qulqullaa'oo hundumaa, waa'ee ifa yeroo galgalaa'utti ba'uus fiixaan baasaa jirra, akkasumas, "Hojiin ani hojjedhu isinis akkasuma in hojjettu," abdii jedhuu fi waan baay'ee Dubbii Kee keessatti nu abdachiifte fiixaan baasaa jirra.

Yaa Abbaa, namni ammallee golgaa sana cabsee hin beekne yoo jiraate, ykn namni golgaa sana keessa akka waan darbeetti itti fakkeessu yoo as jiraate, halkan kana ayyaana isaaf kenni, yaa Abbaa.

Mo'ataa jabaan sun, ayyaanaa fi humna dhiifama gochuun guutamee as dhaabatee jiraachuu Isaa haa argan. Nuuf dhaga'i yaa Abbaa.

92 Mataa keenya osooma gadi qabannee jirruu, namni wayii as keessa jiraa? Nama meeqatu, “Obboleessa koo Biraanhaam, harka koo ol kaaseen jira. Naaf kadhadhu” jechuu barbaada? Mataa keessan akkuma gadi qabdantti harka keessan qofa ol kaasaa. “Hamman qabatamaatti mo'ataa sana arguu danda'utti golgaa hundumaa cicciruun barbaada” jedhaa. Waaqayyo Isin haa eebbisu. Oo, barandaa gara mirgaatii harka ol kaasaa jiru. Waaqayyo isin haa eebbisu. Barandaa gara duubaatiis ol kaasaa jiru. Waaqayyo isin haa eebbisu. Amanamaa dhugaa ta'aa. Gara bitaatii harka keessan ol kaasaatii, “Obboleessa koo Biraanhaam, tarii waggoota dheeraadhaaf Kiristaana ta'uun danda'a ta'a, garuu dhuguma, golgaa sana keessa darbee hin beeku. Dhugumayyuu keessa darbee hin beeku. Sana, waan isaan yeroo sana argatan ani hin arganne” jedhaa.

Har'a, “Ani biqiltuu okkotee keessatti guddatu” qabna. Mee daraaraa biqilaa okkotee keessatti kunuunfamee guddatuu fudhadhaa ilaalaa, akka daa'imaatti kunuunsuu qabdu, mana keessa kaa'uu qabdu, qoricha itti biifuu qabdu, bishaan obaasuu qabdu; garuu biqiltuun jalqabaa inni bakkee gammoojjii keessatti biqilu, gosu daraaraa isa manatti kunuunfamuu baafata; inni bishaan xiqqoo illee argee hin dhugu, garuu raammoon tokkollee isarra hin bu'u. Innis kan awwaarri irra buufateedha. Dhugaadha....

93 Kiristaanummaa durii Kiristaanummaa yeroo ammaa wajjin wal bira qabdanii madaaluu ni dandeessuu? Gareen kun, warri har'a addunyaa guutuu keessatti Kiristaanota ittiin jennu kun, warri duuka buutuu Pheenxeqoosxee of se'an kun, waan isaan hin jaallanne yoo dubbanne nu jalaa ka'anii deemu jedhanii sodaachuudhaan akka daa'imaatti akka kunuuunsan, akka uruurfaman, waldaa hundumaa keessatti akkasitti akka yaadan yaaddanii beektuu? OO, kana tilmaamtanii beektuu? Lakki! Rakkoon maali ree? Walhoruu ykn koppii dha.

Michelangelo ... kan siidaa Musee hojjete. Sana baay'ee gatii salphaadhaan koppii gochuu dandeessu, garuu kan jalqabaa.... Namna fakkii irbaata Gooftaa kaase.... Fakkiin jalqabaa sun doolaara miliyoonaan lakkaa'amu akka baasu nan tilmaama, utuma bitachuu illee dandeessanii. Inni eessa akka jiru iyyuu hin beeku. Garuu koppii isaa gatii salphaadhaan gara doolaara 1.98n bitachuu dandeessu. Ni dandeessu.

94 Har'as akkasuma. Kiristaana gatii salphaadhaan baay'isuun ni danda'ama, cal'isanii miseensa waldaa ta'uu qofa, sigaaraaf, ykn dhugaa ganda keessaa tokkoon bituu dandeessu. Yookaan dubartii rifeensa murattu, kan hidhii diimafattu, faashinii biyya lafaa kamuu dura qabdanii miseensummaaf bitachuu dandeessu, ishee dhugaa sana garuu tuquu hin dandeessan.

Ani ija guutuudhaanan Isa arga, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana. Yaa Kiristaanaa, Kiristaana dhugaa ta'uu hin barbaadduu? Namni amma iyyuu harka hin baafne yoo jiraatte osoo.... Amma gara kadhannaattin seenuuf deema. Waaqayyo isin haa eebbisu. Waaqayyo isin haa eebbisu. Oo, attam gaarii dha. Mee ilaalaa....

95 Yaa Abbaa keenya isa waaqarraa, Dubbiin Kee utuu waan hin godhin akkasumaan gara Keetti hin deebi'u. Kan isa abdachiise Si dha. Ani waan Ati jette jechuu qofaafan itti gaafatamummaa qaba. Waan Ati dubbatte qofan irra deebi'ee dubbadha. Ati, “Namni Dubbii koo dhaga'ee isa ana ergetti amanu, jireenya bara baraa qaba” jette. Isa kana nu abdachiifeetta. Yaa Gooftaa har'a immoo warra koppii godhanii of baay'isan akka qabnu ni beekna, baay'een isaanii utuu hin amanin amanneerra jedhu; kun ni mul'ata. Garuu, Gooftaa, kanneen amantoota dhugaa ta'anis ni jiru.

Dhiiraa fi dubartiin hundinuu, ijoollee dhiiraas ta'e ijoolleen durbaa, saba kamiiyyuu haa ta'u, bofa gogaa akkamii haa qabaatu, waldaa kam keessaas haa ta'u—yaa Waaqayyo, halkan kana akka isaan guuttuuf Si nan kadhadha. Mul'ata dhugaa Yesus isuma durii, isuma guyyaa Pheenxeqoosxee bara kanaafis mul'ate, Hafuura Qulqulluu har'as sirriitti nu gidduutti haa argan. Isaaniif raawwadhu.

Dubbichi raawwatamuu isaa argaa jirra, raajiiwwan dubbatman raawwatamaa jiraaru,

96 har'a waldaa addunyaa ishee jedhamtu wal bira qabnee ilaalla—ykn Yaa'ii Waldoota Addunyaa abdii guyyaa Pheenxeqoosxeetti abdachiifaee wajjin wal bira qabnee ilaalla; wal bira qabamee yoo ilaallu tasumaa wanti wal fakkeessu hin jiru. Uffata keenya xuraa'aa tikkeettii sanaan dhiqasiifachuu hin dandeenyu.

Garuu yaa Waaqayyo Gooftaa, yoo gara burqaa sanaatti deebine adeemsi qulqulleessuu ni jira. sana booda shaakalli hojii keenyaa fi Dubbiin Waaqayyoo wal sima; sana booda qabeenya keenya gaafannee fudhachuu dandeenya. Yaa Gooftaa halkan kanatti namoota kana harka Keetti dabarseen kenna. Tokkoon tokkoon keenyaaf waan nu barbaachisu nuuf kenni, yaa Abbaa. Maqaa Yesuusiin Si gaafanna. Ameen.

97 Waaqayyo isin haa eebbisu. Dhaabbattanii, yeroo dheeraa hammana turuu keessaniif baay'ee galatoomaa, hamma sa'aatii afurii fi daqiiqaa kudhaniitti isin tursiisuu kootiif dhiifaman isiniin jedha. Hanga bor ganama deebinee wal arginutti waaqayyo isinii wajjin haa ta'u. Amma tajaajila itti aanuuf, gara

qindeessaa konfirensichaattan isin darbarsa.

MESSAGE hub online
www.messagehub.info

Kan Lallabame
Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin
"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7